# XIINXALA BIFIYYEEFI QABIYYEE FAARUU WEELLISAA DUUDHAA (ASMAARII) GODINA WALLAGGA LIXAA AANAA NAJJOO

**OLAANII GOOBANAA GALAAN**

**YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA,QO'ANNO AFAANII JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019**

**FINFINNEE**

# XIINXALA BIFIYYEEFI QABIYYEE FAARUU WEELLISAA DUUDHAA (ASMAARII) GODINA WALLAGGA LIXAA AANAA NAJJOO

**OLAANII GOOBANAA GALAAN**

**GORSAAN: MULUGEETAA NAGAASAA (Ph.D)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE.**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAANOROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019**

**FINFINNEE**

## Yuunivarsiitii Finfinnee (Addis Ababaa)

## Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA)Afaan Oromoo Barsiisuuf Gamisaan Guuttachuuf Olaanii Goobanaa Galaaniin, Mata duree:*Xiinxala Bifiyyeefi Qabiyyee Faaruu Weellisaa Duudhaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Najjoo* irratti qophaa'e sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

**Koree Qormaataa:**

Qoraa Alaa: ________________________________Mallattoo ____________Guyaa ________

Qoraa Keessaa: _____________________________ Mallattoo ___________ Guyaa ________

Gorsaa: ___________________________________ Mallattoo ____________ Guyyaa _______

## Axereera

*Qorannoon kun xiinxala bifiyyeefi qabiyyee faaruu weellisa duudhaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Najjoo irratti xiyyeeffatedha.Adeemsa qorannoo kanaaf maddi ragaa hawaasa aanichaa keessaa namoota faaruu weellisaa duudhaa faarsaa turanidha.Kunis mala eeruu darbaa dabarsaa irraa bifa afgaaffii,daawwannaafi marii gareetiin kan fudhatameedha.Qorannoo kana keessatti,haalli waliigala aanichaa maal akka fakkaatu,haalli qilleessaa,baayinni ummataa,sabaafi amantiiwwan adda aadaafi kkf yoo ibsamu, Ka'umsa qorannichaatiin wal qabatee faaruun weellisaa duudhaa dagatamaa dhufuufi barreefamaan dhabamuun mataduree kanarratti qorannoo geggeessu kan qorataa kakaase yoota'u,kaayyoon qorannoo kanaasbifiyyeefi qabiyyee faaruu weellisaa duudhaaxiinxaluudha.Barbaachisummaan qorannoo kanaas faaruu weellisaa duudhaa dagatamaa dhufeifatti baasuu,namoota mataduree kanarratti qorachuu barbaadaniif ka'umsa ta'uu akka danda'uufi kan kkf yoota'u,qorannoon kun xiinxala bifiyyeefi qabiyyee faaruu weellisaa duudhaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Najjoo irratti kandaanga'e dha.Hanqinni qorannichaas sababa rakkoo nagenyaan akka barbaadametti socho'uun ragaa sassaabbachuu dhabuufi weellistoonni duudhaa ragaa kennanillee sababa amantii jijjiirrataniif odeeffannoo kennuuf sodaachuu isaaniiti.Gama biraatiin kitaabileen mataduree kanaan firoomina qaban sakatta'amaniiru.Malli qorannoon kun itti fayyadame keessaa ragaawwan jiran waraabbiitiin funaanuun barreefamatti kan jijjiirame yoota'u afwalaloo gosoota faaruu qabiyyee faaruu, faayidaafaaruu qaaccefamaniiru.Qorrannoo kana keessatti argannoowwan qorataan argate faaruun faaruu dinagdee,hawaasummaa ,seenaa,waaqa,kan daangaa biyyaa eegsisuu;kanamalees jajannaaf,cimsuuf,barsiisuuf,qeequuf kan gargaarudha.Bifiyyeen faaruu kanaas addabahaniiru.Dhumarrattis barsiisonni Afaan Oromoo bifiyyeefi qabiyyee faaruu weellisaa duudhaa kana bal'isanii osoo qoratanii barreeffamaan ol kaa'an gaarii ta'a.*

## Galata

Duraan dursee waaqayyo nauumee sadarkaa amma irra jiru kanan nagahe guddaan galateeffadha. Itti aansuun nuffii tokko malee deegersa na barbaachisu hunda naaf gochuun na gargaaraa kan turan, gorsaa kook an turan Dr. MulugeetaaNagaasaa baay'een galateeffadha. Itti aansuun yaadaan, qabeenyaan, yeroo ofii aarsaa gochuun akkan baradhu kan na kakaaseefi nacinaa dhaabbatee na jajjabeessaa ture obboleessa koo Hinkoosaa Goobanaa guddaan galateeffadha,Itti dabaleesyaadaafi leencaalloodhaan kan gargaarsa walirraa hincinne naaf gochaa turan hiriyoota koo guddiseen galateeffadha. Dhumarratti namoota odeeffannoo naaf kennan hundaa galata guddaan galchaaf. Walumaa galatti namoota deeggersa naaf godhan fayyaafi umrii dheeraa waaqayyo isiniif haakkennu jedha.

**Gabaajeefi Kottoonfachiistuu**

G.W.L.A.N.= Godina Wallagga Lixaa Aanaa Najjoo

M.G.= Marii Garee

W.A.T.A.N.= Waajjira Aaadaafi Turiizimii Aanaa Najjoo

Fkn= Fakkeenya

FWD= Faaruu Weellisaa Duudhaa

Hub.= Hubachiisa

Kkf= Kanneen kana fakkaatan

**Hiika Jechoota Haaraa**

Akkaayyoo-----Mala iddatteessuu miti carraa ta'ee,kan qorataankaayyoo qorannichaa bu'uuragodhatee filatudha.

Alfii------- kan hindulloomne

Albaanbee---- nyaata gosa dinnichaa ta'ee kan dhadhama sukkaaraaof keessaa qabu

Bonee-------- asheeta boqqolloo bona bilchaatee nyaatamu

Bajjii------- lafa utuu hinqotamiin ture,lafa qaljii

Cookkoo---- jallaa/micciiramaa

Deegaa----- hiyyeessa

Dhirsa------ abbaa warraa

Farxii----- xilata(halluu qarqara gaabiitti argamu)

Finnoo---- hamaa

Gudduu---- Gadhee

Haftee----- hambaa

Hiixuu ----- halaala, fagoo

Hossee------ kan maayii hinbaasne, waan gatii hinqabne

Hurruubuu---- sochii qaamaa

Irradiboo---- biddeena ho'aa dhadhaan irra dibame

Killoo---- toonnoo, tuubuu

Kochee------ gosa nyaata foon irraa hojjetamu

Koljaa----- kal'oo

**Baafata**

Qabiyyee Fuula


Axereera ........ i

Galata ........ ii

Gabaajeefi Kottoonfachiistuu ........ iii

Hiika Jechoota Haaraa ........ iii

Baafata ........ iv

Tarree suuraawwanii ........ vii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka’umsa Qorannichaa ........ 3

1.3. Gaaffilee Bu’uuraa Qorannichaa ........ 4

1.4. Kaayyoo Qorannichaa ........ 4

1.4.1. Kaayyoo Gooroo ........ 4

1.4.2. Kaayyoo Gooree ........ 4

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 5

1.6. Daangaa Qorannichaa ........ 5

1.7. Hanqina Qorannichaa ........ 6

1.8. Ibsa Naannoo Qorannichaa ........ 6

1.8.1. Aadaa Nyaataafi Dhugaatii Aanichatti Beekaman ........ 7

1.8.2. Dinagdee Aanichaa ........ 8

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ........ 10

2.1. Yaadrimee Fookloorii ........ 10

2.1.1. Dameewwan Fookloorii ........ 12

2.1.2. Afoola ........ 12

2.1.3. Faayidaa Afoolaa ........ 14

2.1.4. Afwalaloo ........ 17

2.1.5. Gosoota Afwalaloo ........ 17

2.1.6. Maalummaa Faaruu ........ 18

2.1.7. Faayidaa Faaruu ........ 19

2.1.8. Faaruu Weellisaa Duudhaa (Asmaarii) ........ 20

2.1.9. Bifiyyee Faaruu Weellisaa Duudhaa ........ 21
2.1.9.1.Sadoommii (Dubbii Qolaa) ........ 22
2.2. Yaaxinoota Qorannichaa ........ 24
2.2.1. Yaaxina Bifiyyee (formalism theory) ........ 24
2.2.2. Yaaxina Xiinsammuu (Psychoanalytical Theory) ........ 25
2.2.3. Yaaxina Haalawaa (Contextual theory) ........ 26
2.3. Sakatta'a Barruu Walfakkii ........ 26
BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA ........ 28
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 28
3.2. Gosa Qorannichaa ........ 28
3.3. Madda Odeeffannoo ........ 28
3.3.1. Madda Odeeffannoo Tokkoffaa ........ 29
3.3.2. Madda Odeeffannoo Lammaffaa ........ 29
3.4. Irraawwatama Qorannichaa ........ 29
3.5. Iddattoofi Tooftaa Iddatteessuu ........ 30
3.5.1. Mala Mit-Carraa ........ 30
3.5.2. Iddattoo Akkayyoo(Itti Yaadee) ........ 31
3.5.3. Iddattoo Eerummaa (Darbaa Dabarsaa) ........ 31
3.6. Tooftaa Funaansa Ragaa ........ 32
3.6.1. Af-Gaaffii ........ 32
3.6.2. Marii Garee ........ 33
3.6.3. Daawwannaa ........ 33
3.7. Mala Qaaccessa Raga ........ 34
3.8. Qindoomina Qorannichaa ........ 34
BOQONNAA AFUR: RAGAA QAACCESSUUFI HIIKUU ........ 35
4.1. Dhimmoota Irra Deddeebiin Faaruu Weellisaa Duudhaa Keessatti Ka'an ........ 35
4.1.1. FWD Dhimma Hawaasichaa Ibsu keessatti ........ 35
4.1.2. FWD Daangaa Biyyaa Eegsisuu Keessatti ........ 37
4.1.3. Faaruu Weellisaa Duudhaa Hariiroo Hawaasummaa Agarsiisu ........ 40
4.1.4. Faaruu Weellisaa Duudhaa Waaqa Faarsuu Keessatti ........ 42
4.1.5. Faaruu Duudhaa Dinagdee Ilaalchisee Faarsamu ........ 43
4.2. Faayidaa Faaruu Weellisaa Duudhaa ........ 44

4.2.1. Faaruu  Duudhaa  Jajannaaf Tajaajilu ........................................................................ 44
4.2.2. Faaruu Duudhaa Nama Rakkataaf  Faarsamu ............................................................ 46
4.2.3. Faaruu  Duudhaa  Tokkummaa  Mul’isu .................................................................... 46
4.2.4. Faaruu  Duudhaa  Dadammaqina Hawaasaaf  Faarsamu ........................................... 48
4.2.5. Faaruu Duudhaa  Cabsituu ittiin Qeequuf Tajaajilu................................................... 49
4.2.6. Faaruu Duudhaa Amala Namootaa Ibsuuf Faarsamu ................................................ 49
4.2.7. Faaruu Duudhaa  Oftuulummaa Qeequuf Faarsamu.................................................. 50
4.2.8. Faaruu Duudhaa  Safuu Hawaasaa Mul’isuuf Faarsamu ........................................... 51
4.2.9. Faaruu Duudhaa Cimina Dubartootaa Agarsiisuuf Faarsamu.................................... 51
4.2.10. Faruu  Duudhaa Gadaantummaa Dubartootaa Agarsiisuuf Faarsaman ..................... 52
4.2.11. Faaruu Weellisaa Duudhaa Xawalwaalleef  Faarsamu ............................................ 53
4.2.12. Faarruu  Duudhaa Ogummaafi Dandeettii Namootaa Ibsuuf Faarsamu ................... 55
4.3. Sadarkaa Faaruun Weellisaa Duudhaa Yeroo Ammaa Irratti Argamu. ...**Error! Bookmark not defined.**
4.3.1. Dhiibbaa Siyaasaa .......................................................**Error! Bookmark not defined.**
4.3.2 Dhiibbaa Amantii .........................................................**Error! Bookmark not defined.**
4.4. Bifiyyee Faaruu Weellisaa Duudhaa ........................................................................... 56
4.4.1. Sararoota (Lines) ....................................................................................................... 56
4.4.2. Gaalee (phrase)........................................................................................................... 57
4.4.3. Safara  Birsagaa.......................................................................................................... 57
4.4.4. Itti Fayyadama Malleen Dubbii Faaruu Weellisaa Duudhaa ...................................... 58
BOQONNAA SHAN:  GOOLABA, ARGANNOOFI YABOO ............................................... 64
5.1. Goolaba.......................................................................................................................... 64
5.2. Argannoo ....................................................................................................................... 66
5.3. Yaboo............................................................................................................................. 67
Wabiilee .................................................................................................................................. 67
Dabalee A
Dabalee  B
Dabalee  C
Dabalee D
Dabalee  E
Dabalee  F

**Tarree suuraawwanii**

Suuraa 1.Maappii ykn kartaan teessuma lafaa aanaa Najjoo agarsiisu armaan gaditti kaa’ameera. .......... 9

Suuraa 2.Dhimmoota FWD keessatti irra deddeebi’an Weellisaa duraanii Obbo Abarraa Daboo irraa mana jireenyaa isaaniitti gaafa (5-6 /08/2011) ragaa fudhatame kan agarsiisu .. 36

Suuraa 3. Weellisaa duudhaa Obbo Abarraa Daboo Wayita Faarsan Kan Agarsiisu.................. 42

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. SeenduubeeQorannichaa

Hawaasni tokko aadaa, duudhaa, amantaa, haala jiruufi jireenyaa, wantoota naannawwaa isaatti mul'atan, siyaasa isaafi kan kana fakkaatan wanta ittiin ibsatu niqaba. Kanaaf addunyaan dhalli namaa keessa jiraatu kun hawaasaa hawaasatti haala adda addaan ibsama yookaan hubatama. Haaluma kanaan, afoolli afaaniin dhaloota tokkorraa gara dhaloota biraatti daddarbaa kan tureef daddarbaa kan jirudha. Afoolli afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa dhufe kun immoo yeroo gara barreeffamaatti jijjiiramuuf yaaliin taasifamaa ture haala eenyummaa isaa kaleessaa (originality) gad lakkisuu nimala.Yaada kanas, Brash (1996:59) akka ibsutti, "Yeroo jijjiirama cehumsaa keessa eenyummaan aadaa biyyoota Afirkaa adda addaa kan hedduu sodaatamuufi bu'a qabeessa ta'e, akka diigamu ta'ee ture. Haata'u malee, afoolli akka aadaatti ture haala ofeeggannoo qabuun gara afoola yeroo ammaa jiruutti funaanamee kaa'amuun isaa milkaa'ee jira." jedha.Waraabbii kanarraa wanti hubatamu, jijjiiramni yeroon fide, kan yeroo ammaa mul'atu dabalatee afoola irratti dhiibbaa cimaa taasisaa akka turedha. Ta'us, afoolli haftee aadaa ta'e kun karaa ofeeggannoo qabuun galmaa'ee dhaloota amma jiruuf qaqqabee jiraachuu isaati.

Gama biraatiin, afoolli dameewwan hedduu qaba. Dameewwan afoolaa jiran keessaa sirbi afwalaloo jalatti kan argamudha. Yaada kana ilaalchisuun Wasanee (2008:135) yoo ibsan, "Og-walaloon damee afoolaa gocha yookiin wanta tokkotti qalama godhee guddisee mul'isu, yaada jabeessee dhiyeessuu kan danda'u, jechoota filatamoon waan bu'aa qabu walitti qabee kan dhiyeessuufi weedduun yookaan faaruun miira keenya tuquu kan danda'u oguma miira keenyatti dhiyeenya qabudha." jedhu. Yaada kanarraa akka hubannuutti, og-walaloon sagalee faaruu kan ofkeessaa qabu miira dhageettii dhala namaa hololoo caalaa harkisuu danda'u, akkasuma jechoota filatamoon kan barreeffamuufi akkuma dameewwaan afoolaa biroo bashannansiisaa kan barsiisuu akka ta'edha. Kana irraa ka'uun, weellisniduudhaa (asmaarii)damee afoolaa gosa sirbaa afwalaloo jalatti ramadamuufi haala jiruufi jireenya hawaasichaa kan ibsuufi kan tiksu ta'uu isaa walcina qabanii ilaaluun danda'ama.

Kana irraa ka'uun, walaloon sagalee faaruu, meeshaa muuziqaafi sochii qaamaa dabalatee haala nama harkisuu danda'uun dhaggeeffataaf (audience) dhiyaatu sirba jedhamuu nidanda'a. Sirbi, sirba amantiif yookiin faarfannaa waaqaaf dhiyaatuufi kan akka hawaasaatti yookaan kan namoonni haala jiruufi jireenya isaanii ittiin ibsan, akkasumas wantoota haala naannoo isaaniitti

argamu faarsan yookiin sirban ta'uu nimala. Kanaaf sirbi amantii yookaan weedduun amantii, meeshaa muuziqaa, faaruuu sagalee bareedaa qabuufi sochii qaamaa dabalatee uumaa faarsuuf dhiyaata.

Yaada kanas odeeffannoon toora interneetii (http://www.21stcr.org/multimedia-2011/1-pdf/lh-importance_of_music.pdf) tokko yoo ibsu, *"...Speaking to yourselves in psalms and hymns and spiritual songs, singing and making melody in your heart to the Lord; giving thanks always for all things unto God and the Father in the name of our Lord Jesus Christ."*Yaada kanarraa akka hubatamu, weedduun amantii sagalee garaagaraan kan dhalli namaa Waaqayyo uumaasaa gammachiisuuf faarsudha. Kunis, manneen sagadaa keessatti kan raawwatuufi sirna kan qabu ta'uu isaati.

Karaa biraan, sirbi namoonni haala jiruufi jireenyaa naannoo isaanii ittiin ibsan kan amantiirraa adda. Kanas Tigist (1982:26) akka ibsitutti,*"people in Ethiopia, as elsewhere in the world generally listen to songs or sing to express their happiness, sorrow, religious feelings, patriotism, feelings of love, anger etc,"* jetti.Yaada kana irraa wanti hubatamu, uummata Itoophiyaas ta'e uummaatni Addunyaa haala jiruufi jireenya isaa keessatti gadda, gammachuu, jaalalaafi jibba, jaalala yookaan quuqama biyyaaf qabuufi kana kan fakkaatan ibsuuf sirba dhaggeeffata yookaan kan sirbu ta'uu isaatidha. Uummanni Oromoos, gosa sirbaa haala jiruufi jireenya isaa itti ibsatu kan qabu yommuu ta'u, kanneen keessaas faaruun weellisaa duudhaas isa tokkodha.Kana malees, sirbi uummanni tokko haala jiruufi jireenya isaa ibsachuuf sirbu akkuma, sirba amantii sagalee faaruu, meeshaa muuziqaafi sochii yookaan shubbisa garaagaraa wajjin waliin dabaalamee haala dhaggeeffataa yookiin daawwataa haawwachuu danda'uun kan dhiyaatudha. Sirbi kunis guddina dhala namaa kan barumsaa wajjin walitti hidhata guddaa qaba. Itti dabaluun, sirbuun haala adda addaan kan ibsamuufi aadaa hawaasaa calaqqisiisuuf bu'a qabeessa kan ta'edha. Yaada kanas Dowling (1976 :112) akkas jechuun ibss,*"Singing is a univesal form of expression and an important vehicle for enculturation.*Yaada kana irraa wanti hubatamu, sirbi unkaa waliigalaa ittiin ibsamu kan qabuufi meeshaa bu'a qabeessa aadaa akka ta'edha. Akkuma kana weelluun duudhaa akkuma sirba kanneen biroo haala itti dhiyaatu kan mataa isaa kan qabudha. Haaluma kanaan weelluun duudhaa damee afoolaa walaloon dhiyaatu sagalee faaruu, shubbisa yookaan sochii qaamaafi meeshaa muuziqaa masaanqoo jedhamuun yeroofi bakka adda addaatti sirbamuufi miira dhageettii namaa hawwatudha.

Karaa birootiin, sirbi weellisa duudhaa uummata Itoophiyaa hunda biratti fudhatamummaa kan qabuufi gahee adda addaa garee hawaasa garaagaraa kan biyyattii keessatti bu'aa buusaa turaniiru. Yaadni kunis akka kanaan gadiittin ibsamee jira: Weellisaan duudhaa sirba aadaa Itoophiyaa keessatti beekamaadha. Seenaa Itoophiyaa sirna abbaa lafaa keessatti, weellisaa dhuudhaan Abbaa lafaafi qondaaltota yookaan qaama yeroo sana murtii kennuuf taa'e, mana murtii keessatti tajaajilaa yookaan sirbaan bohaarsaa turan. Akkasuma, hawaasa naannoo baadiyyaa jiraatan birattillee sirbuun nyaata, horii akka bushaa'eefi maallaqa fudhachaa turan.Dabalataanis, gootota dirree waraanaa deeman duukaa gara dirree waaraanaatti bobba'uun loltoota dirree waraanaa faarsanii jajjabeessaa turan(Kebede,1971:41).Yaada kanarraa akka hubannutti, sirbi weellisaa duudhaa nama bohaarsuun gamatti, daangaa biyyaa eeguu keessattillee bu'aa akka buusaa turedha.

**1.2. Ka'umsa Qorannichaa**

Ka'umsi qorannoo tokkoo dhugaa hawaasa keessatti mul'atu yookiin waa'ee hawaasichaa dhimma barreeffama irratti mul'atu irrattikan hundaa'u ta'ee dhimmichis rakkoo/qaawwa/ jiru tokko duuchuuf ykn yaaxina tokko haaromsuuf, ibsa bal'aa dhimmichatti kennuufi ta'uu danda'a.Yaada kana Addunyaa (2011:54), Wiresmafi Roswell, wabeeffacuun. *"Statement of the problem describes the content for the study and it also identifies the general analysis approach" jedhee ibsa.*Kanamalees,Roswell(1994:50*)*.Ka'umsa qorannoo ilaalchiseeyommuuibsu*, "A problem might be defined as the issue that exists in the literature, theory or practice that leads to a need for the study"*jedha.

Walumaagalatti ka'umsi qorannoohaalaan ibsame tokko gaaffilee qorannoon kun maaliif gaggeeffame?, qaawwaakkamii cufa?jedhaniif deebii gahaa ni kenna.Qorataa kana mata-dure,"Xiinxala Bifiyyeefi qabiyyee Faaruu Weellisaa Duudhaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Najjoo Irratti Xiyyeeffate"kan jedhu akka filatu kan kakaase,faaruun weellisaa duudhaa dur hawaasa Oromoo bal'aa keessatti tajaajilaa ture hawaasa aanichaa biratti dagatamaafi irranfatamaa waan dhufeef,kanarraa kan ka'e dhaloonni ammaa faaruu kana sadarakaa wallaaluurra ga'eera. Kanamalees mataduree kanarratti ammaan duraa qorannoon geggeeffamee ol kaayame aanichakeessa hinjiru.Walumaagalatti,aanaa Najjoo keessatti dhimmi weellisa duudhaa keessumayyu labata amma jiru biratti waan hinbeekamneef tasa akka inni hinbaramne

taasisa.Kanaaf, faaruun weellisaa duudhaa irraanfatamaa dhufuunsaa maaliif akka ta'e qo'achuun adda baasuun ibsuuf mata-duree kana akka filatuuf kakaase.

### 1.3. Gaaffilee Bu'uuraa Qorannichaa

Faaruu weellisaa duudhaa aadaa hawaasichaa keessatti yoomessa adda addaatti faarsamaa ture. Haata'u malee, yeroo ammaa haalaan kan mul'atu miti. Kanaaf, qoratichis yaada kana bu'uura godhachuun qorannoo kanaan rokkoo jiru adda baasee qaawwi jiru akka guutamuuf kallattii furmaataa kaa'uu yommuu ta'u, kunis qorannoo kanaan gaaffilee bu'uuraa kanneen armaan gadii irratti xiyyeeffata.

1. Dhimmoonni faaruu duudhaa keessatti irra deddeebiin ka'an maal fayi?
2. Faayidaa faaruun weellisaa duudhaahawaasa Oromoofqabu maali?
3. Faaruun weellisaa duudhaa bifiyyee akkamii qaba
4. Faaruun weellisaa duudhaa yerooammaa kana sadarkaa akkamii irra jira?

### 1.4. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoowwan guguddaa lama of keessaa qaba.Isaanis kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree dha

#### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa faaruu weellisaaduudhaa (asmaarii) xiinxaluudha.

#### 1.4.2. Kaayyoo Gooree

Qorannoon kun kaayyoolee gooree armaan gadii afran ofkeessaa qaba.

- Dhimmoota Faaruu weellisaa duudhaa keessatti irra deddeebiin ka'an adda baasuu
- Faayidaa Faaruun weellisaa duudhaa hawaasa Oromoofqabu ibsuu.
- Bifiyyee faaruu  duudhaa (asmaarii)agarsiisuudha
- Yeroo ammaa kana faaruun kun sadarkaa maaliirra akka jiru adda baasuu

## 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Faaruun weellisaa duudhaa gosa afoolaa hawaasni itti bohaaruufi waan keessa isaatti dhagahame ittiin ibsatudha.Haata'u maalee, Faaruu weellisaa duudhaa bashannansiisuu qofa osoo hintaane, walaloo isaa keessatti yaadota guddina seenaa hawaasaa, aadaa, hawaas-dinagdee, falaasamootaafi amantii wajjin walqabatan mul'isu ofkeessaa qaba. Kanaafuu, qorannoonkun hawwaasummaaf,dinagdeef,amantiif,siyaasaafifalaasama hawaasaa guddisuu kan danda'u waan ta'eef dubbistoonni faaruu kanaaf akka xiyyeeffannoo godhaniif nitaasisa.

Gama birootiin barbaachisummaan qorannoo kanaa, namoonni kanaan dura waa'ee weedduu weellisaa duudhaa irratti hubannoo hinqabne dubbisanii akka hubataniif nigargaara.Kana malees, barattoonni baruufi barsiisuu keessatti walaloo faaruun weellisaa duudhaa barreeffamaandhiyeessanii irraa barachuu danda'u.Akkasumas, faaruunkunkuufamee akka olkaa'amuuf gahee guddaa qabaachuu nidanda'a.Dhumarrattis, namoota gara fuula duraatti qorannoo akkasii gaggeessuu barbaadaniifi qorattoota biroo qorannoo walfakkaataa yookaan kanuma bal'isanii karaa biroon gaggeessuu barbaadaniif  ka'umsa ta'uu nidanda'a.

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannon tokko daangaa qaba. Daangaan kunis, daangaa madda ragaa (source data)hawaasa irraa fudhtameefi dhimma qoratamuun daangeeffama. Karaa biraatiin, "Daangaa qorannichaa yoo jedhamu bakka qorannichi itti gaggeeffamu, dhimma qoratichi irratti xiyyeeffateefi baay'ina namoota odeeffannoo qorannichaa irraa fudhtaman kan hammatuu" jedha. (Addunyaa,2011:56).Haaluma kana irraa ka'uun daangaan qorannichaa wantoota itti aananii dhufan kanneen irratti kan murtaa'edha. Bakki qorannichi itti daanga'e Naannoo Oromiyaa Godina Wallagga Lixaa aanaa Najjoodha.Maddi ragaa immoo maanguddoowwan weellistoota duudhaa ta'an qorataanofii filachuun irraa odeeffatedha. Dhimmi irratti daanga'e immoo, gooroowwan fookloorii keessaa afoola yoo ta'u, afoola keessaa immoo, Xiinxala Qabiyyeefi Bifiyyee Faaruu Weellisa Duudhaa Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Najjoo irratti kanbu'uureffate qofairratti kan daanga'edha

Sababni qorannichi aanaa kana qofa irratti daangeffames, qorataan hojjiidhaan aanicha keessa waan jiruufi fagaatee aanawwan biroo yoo deeme hojii baruufi barsiisuu wajjin mijaa'ina waan

hinqabneefidha.Dhimmi irratti daanga’e faaruu weellisaa duudhaa qofarratti kan ta’eefis, hanqina yeroofi maallaqaa jiru ilaalcha keessa galchuun barbaachisaa ta’ee waan argameefidha.

### 1.7. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu wantoonni hedduun qorataa mudachuu danda’u. Akkuma kana qorataa kanaas rokkooleen mudatan: Naannoo qorannoon kun geggeeffametti rakkoon nageenyaa waan jiruuf qorataan akka barbaadeefi yeroo barbaadetti socho’ee odeeffannoo walitti qabachuu hindandeenye.Gama biran immoo hojii idilee isaa waliin waan walfaana gaggeessuuf dhimma kana gadifageenyaan qorachuuf yeroo gahaa dhabuu isaati. Bakka qorannoon kunitti gaggeeffametti qorataan kitaabolee wabii dhabuufi akka garaatti intarneetii fayyadamuuf danqamuufi odeefkeenitoonni odeeffannoo ga’aa akka barbaadameetti kennuurraa of qusachuufi isuma kennanis sababa amantii jijjiirrataniif bakkan dhoksaatti kan kennanidha.Haata’u malee,rakkoo nageenyaanaannoo qorannoo sanaatti mudate irraa kan hafe, hanqinaalee olitti tarreefaman kanneen qorataan bifa isaaf danda’ameen tooftaaaddaddaatti fayyadamuun qorannoo kana gaggeesseera.

### 1.8. Ibsa NaannooQorannichaa

Qorannoon kun aanaa Najjoo irratti kan geggeeffame yommuu ta’u, aanaan Najjoo Aanolee Godina Wallaggaa Lixaa 23 keessaa tokko yommuu taatu, magaalaa godinaa (Gimbii) irraa Km 75, magaalaa Finfinnee irraa immoo fageenya km 514 irratti argamti.Aanaan kun daangaan ishee karaa BahaanAanaa Boojjii Dirmajii, Karaa Lixaa Aanaa Lataa Sibuu, Karaa Kibba Lixaa Aanaa Jaarsoo, Karaa Kibbaa Aanaa Boojjii Coqorsaafi Karaa Kaabaan Naannoo Beenishaangul Gumuziin marfamtee argamti.

Kana malees, aanaan Najjoo ganda 25 kan qabdu taatee, haalli teessuma lafa ishee baddaafi badda daree yommuu ta’u, olka’insa galaana sirrii irraa meetira 1800 olitti gidduu galeessaan argamti.Gama biraatiin, aanattin sabaafi sablammii adda addaa kan of keessatti qabattee jirtuufi baayyinni uummata ishee dhiira 51,618 dhalaa 53,656 idaa’ama 105,274 qabdi. Uummata isheen qabdu kana keessaa % 75 ol qonnaan bulaa jedhamee tilmaamama. Haaluma kanaan, aanicha keessatti kan oomishaman midhaan gosa adda addaa kanneen akka midhaan dheedhii (boqqolloo, bisingaa), midhaan biilaa (garbuu, qamadii), midhaan boollaa (qoccoo, goodarree, ancootee),

kuduraafi muduraa akkasumasdammaafi buna sharafa biyya alaa argamsiisuu fa'iin beekamtuudha.

Karaa biraan immoo, horsiisa beeyilladaas kan gaggeessitu yoo taatu, kanneen naannoo kanatti heddumminaan argaman horii gaanfaa, horii kottee ta'ee, gogaafi kal'ee gabaa giddu galeessaaf kan dhiyeessitudha. Kana malees aanaan kun bu'uuraalee misoomaa qabdu ilaalchisee mana barumsaa 1-4=13, 5-8= 30, 9-10= 3,11-12 =1, kilinika=9fi kellaawwan fayyaa 23 qabdi.Itti dabalee, aanaan Najjoo albuuda lafa keessaa kanneen akka warqee,dhagaa ijaarsaa, pilaatiniyeemii,cirrachaa,cileefi kkf kan qabdudha.

Itti dabalees, qabeenya uumamaa turistoota hawwachuu danda'an kanneen akka Bosona Caancoo, Hora Caancoo, Bosona Baddeessaa Qondaal, Gaara Abbaa Boojjii, Tulluu Cocciifi kana kan fakkaatan Aanaa kana keessatti argamu. Bineensota bosonaa keessaa Qeerransa, Booyyee, Bosonuu, Jaldeessa, Qamalee, Roobii, Weennii, Allaattiifi Shimbirroowwan adda addaa kan qabdudha. (Maddi: Galmee W/A/T/ A/N).Gaafa 11/08/2011

### 1.8.1. AadaaNyaataafiDhugaatii Aanichatti Beekaman

Akkuma uummata biroo uummatni Oromoo aadaa nyaataafi dhugaatii boonsaa niqaba. Aadaan nyaataa uummata kana biratti beekamanis kanneen akka: buna qalaa, ancootee, laaffisoo, cumboo, cuukkoo, marqaa,qincee, qorii, ukkaamsaafi qocqocaa yoo ta'an, dhugaatiin uummaticha biratti beekamu immoo kan akka daadhii, buqurii, qariiboo, boordee, farsoo, farsoo adii, mata jaboo, bulbula dammaafi kkf dha.


Egaan aadaa nyaataafi dhugaatii uummata Oromoo biratti beekaman kanneen keessaa, uummata Oromoo Aanaa Najjoo jiraatan keessatti nyaatni aadaa isaan beekamoo ta'an: kochee,ancootee,buna qalaa, coocoo, caccabsaa, itittuu, cuukkoo, cumboo,unkuroo, maxinoo, maroo, irra diboo, akaayii yoo ta'an, dhugaatiin aadaa naannoo kanatti heddumminaan beekamaniifi hawaasa aanichaa biratti fudhatama guddaa qaban kan akka farsoo, buqurii, booka(daadhii)fi araqee aadaati. (Madda: WaajjiraAadaafi Tuurizimii Aanaa Najjoo)

### 1.8.2. Dinagdee Aanichaa

Dinagdeen uummata aanichaas irra jireessan qonnaa irratti kan bu'uurefame jira yoo ta'u, omisha midhaan kanneen akka: boqqolloo, daagujjaa bisingaa, xaafii, , nuugii, buna, baaqelaa, ataraafi kkf yeroo omishaman, kanneen keessaa: boqqolloo, daagujjaafi bisingaan omisha bal'inaan aanaa kana keessatti omishamuudha. Isaan kanneen keessaa boqqolloon yeroo lama kan omishamuudha. Innis, boneefi qe'ee jedhamuun beekama.Boqqolloon boneen baatii Amajjii keessa facaasamee baatii Waxabajjii keessa asheetni isaa nyaatama. Qe'een immoo, Arfaasaa facaasamee waqtii biraa kan nyaatamuudha. Daagujjaa, bishingaa, xaafii, Arfaasaa lafa qopheessuun baatii Caamsaatii hanga Adoolessaatti facaasuun kunuunsi barbaachisu godhamuun baatii Sadaasaa hanga Amajjiitti kan sassaabamuudha. Keessattuu baatii Fulbaanaa jalqabatti daagujjaatti saafa'u. Innis, buttoodhaan akka nama ciraa ciruu aramaa isaa harka laaffisatanii ciru. Gama biraan horsiisni loonii, hoolaa, Kotte-duudaa, lukkuufi kkf aanicha keessatti nigaggeeffama. Aadaan hojii walgaargarsaa, gaddaafi gammachuu waliin qoodachuufi kanneen biroon aanicha keessatti bifa gaariin ni argama.(Madda: Waajjira aadaafi Turiizimii Aanaa Najjoo)

Suuraa 1.Maappii ykn kartaan teessuma lafaa aanaa Najjoo agarsiisu armaan gaditti kaa’ameera.

Maddi:W/A/T/A/Najjoo gaafa 11/08/2011



# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2. Seensa

Akkuma kutaa duraa keessatti ibsuuf yaalametti, qorannoon kun, mata duree "Xiinxala BifiyyeefiQabiyyee Faaruu Weellisaa Duudhaarratti Xiyyeeffata.Kutaa kana keessatti ammoo, yaaxinoota mata duree qorannichaan walqabsiisanii hayyoonni adda addaa kaa'antu dhiyaata.Dhimmoonni kunneenis kanneen akka: syaadrimeefookloorii, faayidaa fookloorii, gosoota fookloorii, maalummaa afwalaloo, faayidaa afoolaa, gosoota afoolaa, maalummaa faaruu, faayidaa faaruufi bifiyyee faaruutu dhiyaata

### 2.1. Yaadrimee Fookloorii

Hiika fookloorii ilaalchisee hayyoota dirree qorannoo fooklooriirra jiran hunda kan tokkoomsu hin'argamne. Kanarraan kan ka'e qorattoonni dirree qorannoo fookloorii hiika fookloorii kennuu caalaa wantota fooklooriin of keessatti hammatu tarreessurratti xiyyeeffatu. (Dundes, 1965).Haata'u malee, dameen qorannoo kunmaqaa, 'fookloorii' jedhu kana osoo hinargatiin, maqaa biraatiin beekamaa tureera. Kana ilaalchisuun, Dorsen (1972:1) yoo ibsu, "*Folklore emerged as a new field of learning in the nineteenth century when antiquaries in England and philologists in Germany began to look closely at the ways of lower classes…The word 'folklore' phrase adopted in place of cumbersome phrase popular antiquities,"* jedha.

Akka yaada kanaatti, beekumsa hawaasaa akka damee barnootaa tokkootti qorachuun kan jalqabame jaarraa 19$^{ffaa}$ keessaa biyyoota Ingilizii keessatti namoota hambaa meeshaalee durii qorataniifi Jarman keessatti ammoo qorannoo guddina afaanii warra ta'aniin qoratamaa turuusaa mul'isa. Haata'u malee, beekumsa kanas, akka beekumsa kutaa hawaasa hinqaroomiiniitti fudhachaa turan. Akkasumas, beekumsi kun mooggaasa fookloorii jedhu osoo hinargatiin dura hambaawwaan aadaa dinqisiifamoo ta'aniin ykn ijaarsota bebbeekamoo durii jedhamuun akka beekaman lafa kaa'a.

Haata'u malee, dirreen qorannoo kun maqaa kana kan argate yeroo dhiyoodha. Innis, waggoota (165) fuuldurabara (1846) namni yeroo jalqabaaf itti fayyadame fooklooristii biyya Ingilizii kan ta'e 'William John Toms' nama jedhamudha. (Dorson, 1972).Kun ammo, umuriin fookloorii umurii dhala namaa waliin hidhata qabatus, beekumsi hawaasaa kun akka damee beekumsaatti

fudhatamuun qorannoon irratti gaggeeffamuu kan eegale yeroo dhiyoo keessa akka ta'e agarsiisa. Dabalataanis, hayyuun Dundes (1965: 20) yoo ibsu, *"Folk can refers to any groups of people that so ever who share atleast one common factors*," jechuun lafa kaa'a. Akka yaada hayyuu kanaatti, jechi 'folk' jedhu garee namootaa yoo xiqqaate dhimma tokkorratti wanta waliin qooddatan kan qabaniidha. Wanti waliin qoddatan kunis, kanneen akka: sirnaa, safuu, aadaa, barsiifata, aadaa, duudhaa, hojii, umurii, saalaafi kkf fa'a. Jecha, 'lore' jechuun ammoo, beekumsaafi muuxannoo namoonni jiruufi jireenya isaanii keessatti waliif qoodanidha.

Akkasumas, fooklooriin yaadrimee bal'aa of keessaa qabaachuu isaan walqabsiisee, Dorsen (1972:17) yoo ibsu, *"Folklore has an echo of the past, but at the same time it is also the various voice of the present. Foklore has been, and continues to be, a reflection and weapon of the class conflict*," jechuun ibsa. Akka yaada hayyuu kanaatti, fooklooriin mul'istuu wanta darbeeti. Kanaafuu, fooklooriin dhalootarraa dhalootatti darbaa kan tureefi ammas darbaa kan jiru; fuuldurattis kan lufinsa isaa itti fufuufi akka meeshaa lolaafi daawwiitii uummataatti kan hawaasa tajaajiludha. Kunis, duudhaan, jechaan, gochaan, meeshaan, muuziqaaniifi kkf darbuudanda'a.

Karaa biraatiin,Fekade(1991:84),qabiyyee fooklooriin of keessaatti qabu kanneen akka: raagoo, afseenaa, durdurii, taphootaa, dubbiiwwan, fakkeenyan dubbataman, eebbawwan, abaarsa, arrabsoo, nagaa walgaafachuu, huccuu aadaa, ragada, beekumsa, amantii, riqicha aadaa, muuziqaa, meeshaalee aadaa, sirbaa, maqaawwan barreeffamoota awwaalarratti barreeffamanii, tapha saddeeqaa, kadhannaawwan, haasaa sochii irratti hundaa'e, sanyii lakkaa'uu, gosoota nyaataa, ayyaanota waggaa kanneen akka: Qillee, Arafaa, Cuuphaa, Sooma Hiikkaa, Dhaloota Goftaa Iyyeesuus, Dhaloota Nabiyyuu Mohammad, Cidhawwan, Guyyaa Boqonnaa, Guyyaa Injifannoo kanneen jedhamaniifi kkf of keessaatti akka qabutu ibseera.

Dimshaashumatti, yaadrimee fookloorii jedhuuf, hayyoonni ija garaagaraan ilaaluun hiika akka itti kennaniif sababa kan ta'e, jechi 'fookloorii' jedhu yaadrimee bal'aa waan of keessaa qabuuf, akkaataa ilaalchaafi hubannoo isaaniitiin ibsuu isaanii mul'isa. Kunis, yaadrimee tokko bifa adda addaatiin ibsuudha malee, waan haaraa uumuu isaanii miti. Kanaafuu, jechi 'fookloorii' jedhamu kun akka beektonni hedduun ibsanitti, jiruufi jireenya hawaasaa keessatti waan, aadaa, safuu, falaasama, duudhaa, amantaa, barsiifata, afseenaa, raagoo, durdurii, taphootaa, dubbiiwwaan addaaddaafi kkf of keessattihammata.

### 2.1.1. Dameewwan Fookloorii

Hayyoonni adda addaa fookloorii goorowwaan adda addaatti qooduun ilaalaniiru. Isaan keessaa, Simsfi Martine (2005: 12) yoo ibsan, "*Foklore can be categorized in many ways based on its particular characteristics and how it is expressed. Three broad catagories often used to describe folklore are verbal, material and customary. With in these genres, there are numerious types or subtypes of lore,"* jedhu. Akka yaada hayyoota kanaatti, gooroowwan fookloorii haalli isaan ittiin ibsamaniifi amala murtaa'aa isaan qaban irratti hundaa'uudhaan qoqqooduun nidanda'ama. Goorowwaan gurguddoon yeroo baay'ee kan itti ibsaman sadanis, kanneen akka: afoolaa, meeshaalee aadaafi duudhaa hawaasaati. Gooroowwan kana jalattis, qoqqooddiiwwan hedduun akka argaman ni'ibsu.Haaluma kanaan, hayyuun Dorsen (1972) gooroowwaan fookloorii bakka gurguddaa afuritti qooduun akka armaan gadiitti kaa'eera. Isaanis: meeshaalee aadaa, duudhaa hawaasaa, aartii hawaasaafi afoola jechuun qoqqoodee ilaaleera. Gooroowwan kanneen keessaa xiyyeeffannoon qorannoo kanaa afoola waan ta'eef akkaataa kanaan gadiin ilaalameera.

### 2.1.2. Afoola

Afoolli gooroowwan fookloorii keessaa isa tokkodha.Wanti dhala namaa uumama biraarraa adda godhan keessaa inni tokko yaada isaa karaa afaanii gara namaatti dabarfachuu isaati.Kanaafuu, afaan eenyummaafi seenaa hawaasa waliin hidhata guddaa qaba. Kana ilaalchisuun, Bronner(1985: 4) yoo ibsu,*"The language carries with in the history; the culture, the traditions, the vary life of people .Language is people; we cannot conceive of apeople with out alanguage, or alanguage with out apeople. The two are one and the same. To know one is to know the other."* jedha.

Akka yaada hayyuu kanaatti, seenaa, aadaa, duudhaa, eenyummaafi tokkummaa hawaasa tokkoo afaansaa malee beekuufi ibsuun hindanda'amu.Afoollis, afaanirra taa'eetu labata tokkorraa gaara labata biraatti ce'a. Kanaafuu, afoolli waa'ee uummataa ykn waan uummanni waliin qooddatu kanneen akka: aadaa, amantaa, siyaasa, dinagdee, guddina, qaroomina afaanii, safuu, duudhaafi kkf of keessatti kan hammaatudha. Kanumaan walqabsiisanii, Abarraafi kanneen biroo (2004: 49) yoo ibsan:

> *Afoolli muuxannoo yeroo dheeraaf kuufamee saba eenyummaan isaa saba biroo waliin makamee osoo hinbadiin aadaafi eenyummaa isaa eegee turerraa dhaloota*

> *tokkoo gara dhaloota biraatti afaaniin kan daddarbuudha. Beekumsi afuuraa beekumsa walii galaati malee kan dhuunfaa nama tokkoo miti. Yeroo tokkotti namni tokko geeraree ykn mammaakee isa dubbate namni dhagaye immoo akkas jedhe abalu jedhee maqaa namtichaatiin jedhan jedhu."Akkuma harkaan gatanii miilaan barbaadu jedhan jedhamutti abbummaan mammaaksichaa hafee kan uummataa ta'a,* jedhu.

Karaa biraatiin, Finnegan(1970:2) yoo ibsitu,*"Oral literature is by definition depend on a performer who formulates it in words on specific occasion there is no other way in which it can be realized as a literary product,*" jetti. Yaadni kun yoo ibsamu, afoolli hojii artii (ogummaa) kan sababa tokko irraa ka'ee haala tokko irratti dhiyyaatuufi gara lammuummaa dhiyeessaa (qopheessaafi hirmaataa afaan) qabu ta'uunsaa hubachuun nidanda'ama. Jamaan kunneenis, miira isaanii keessaa, ijaafi gurratti fayyadamuun waliif galuu isaanii agarsiisa. Dabalataanis, maalummaa afoolaa ilaalchisee, Addunyaan (2014: 166) yoo ibsu:

> *Afoolli ogummaa labata tokkoo kan biraatti afaaniin darbudha. Fayyadama afaanii kan ilmi namaa uumaa, uumama beekumsa natoofi baranee ittiin hubatuufi jechuunis nidanda'ama. Kanamalees, sochii miiraafi sammuu isaa keessatti lubbuu godhate miidhagina uffachiisee bifa qindaa'ina qabuun kan dhiyeessu, sammuu kan dammaqsu, miira kakaasee kan sissi'eessu, hojii uumee ta'uun isaas ifa. Kanaafuu, aadaa, seenaa sadarkaa guddinni hawaasichaa irra jiruufi irra ture mul'isuuf, jechootaafi ibsitoota dhaga'uufi dubbachuuf tolaniin kununsee dhiyeessa.*jechuun lafa kaa'a.

Akkasumas, Finnegan(1970:144)fi Dorson(1972:138)*"As its name suggests the term oral literature refers to verbal art or traditional cultures usually composed oral and tranismited from generation to generation by word of mouth,"* jedha. Yaadni kun ammoo, afoolli akkuma maqaa isaa himamsa afaaniitiin dhalootaa dhalootatti darbaa kan ture ta'uusaa mul'isa. Nagariin (1993:89) gama isaatiin maalummaa afoolaa yoo ibsu, "Afoolli dhaloota irraa gara dhalootatti kan darbu hambaa uummataati. Abbummaan osoo hinta'iin uummatummaan beekama. Namni mirga abbummaa falmatu hinjiru waan ta'eef jiruufi jireenya hawaasichaa keessaa kan burqe fakkaata. Kanaafuu, afoolli ragaa qabatamaa uummata tokkooti," jechuun ibseera.Yaada kanarraa hubachuun akka danda'amutti, maalummaa afoolaa, haala darbinsaa, abbummaa, amalaafi faayidaa isaarraa ka'uun ibseera.Melakneh(2003:31)yaada armaan olii deeggaruun afoolli ogummaa afaaniin ykn dubbiidhaan dhalootarraa dhalootatti akka darbu lafa kaa'aniiru.

Karaa biraatiin, jechi 'afoola' jedhu kun bara dheeraaf maqaa ykn moggaasa garaa garaan waamamaa tureera (Asafaa, 2009:73). Keessumattuu moggaasa 'afoolaan' walqabsiisnee, gara Afaan Oromootti deebinee yoo ilaalle, jechoota garaa garaa kan akka: ogafaan, hima afaan, afoola, himamsaafi kkf fa'aa ni'argamu. Kun ammoo, waaltina afaaniifis ta'e, yaadrimee bakka bu'e sana guutummaa guutuutti agarsiisuu dhabuu nidanda'a. Kana qofa osoo hintaane, qorattoonni tokko tokko jecha 'afoola' jedhuun yaadrimee 'fookloorii' jedhu yoo bakka buusan, gariin isaanii ammoo, jecha 'afoola' jedhuuf yaadrimee isaa afaan ingiliziin, "Oral literature" jedhu bakka buusuun itti gargaaramaniiru. Yaadrimee 'afoola' jedhuuf isa Afaan Ingiliziin 'folklore' jedhu kan bakka buusan keessaa, (Asafaa, 2009:75) argachuu nidandeenya. Akka beektonni kun jedhanitti jechi Afaan Oromoo keessatti 'afoola' jedhamuun dhimma itti bahamu yaadrimeen isaa Afaan Ingiliziin'folklore" isa jedhu waliin waan walgituuf qorannoo Afaan Oromoo keessatti jechi kun bakkasaa bu'ee nutajaajiluu nidanda'a ilaalcha jedhu qabu. Kanaaf, yaadrimee Afaan Ingiliziin 'folklore' jedhuuf Afaan Oromoo keessatti 'afoola' yoo bakka buusan, isa Afaan Ingiliziin 'Oral literature' jedhuuf ammoo, 'ogafaan' jecha jedhu bakka buusuun itti gargaaramaniiru.

### 2.1.3. Faayidaa Afoolaa

Afoolli hawaasa kalaqee itti fayyadamuuf tajaajila hedduu kenna.Faayidaa afoola, Asafaan (2004:29) yoo ibsu, "Afoolli afaan saba sanaaf, bilchina, waloo afaan sanaafis murteessaadha. Afoolli mala, dandeettii, ogummaa, abshaalummaa walootti hora,"jedha. Dabalataanis, Asafaan (2004:11), Burkenya (1994) eeruudhaan waa'ee afoolaa yoo ibsu,

> *…it[oral literature]is avaluable …experience contributing to the total growth, development and self fulfillment of the person exposed to it oral literature imports to the growing person useful, cognitive, performative and effective skills which enable the person to live a rewarding life and to be a useful member of society*, jedha.

Akka yaada kanaatti, afoolli muuxannoo, dagaaginaafi guddana walii galaatiin nama itti saaxilame (qooda fudhate) guutuu kan taasisudha. Akkasumas, afoolli guddina, dandeettii sammuu, hojiifi kaka'umsa namaa cimsuun, miseensa hawaasaa keessatti jaalatamaa nama taasisuufi akka jireenya mijaawaa akka jiraatan nama gochuu keessatti iddoo guddaa qaba. karaa biraatiin, waa'ee faayidaa afoolaa ilaalchisee, Andzejekwski(1985: 38) yoo ibsu*"Oral literature perform awide variety of social functions,"* jedha.Akka yaada isaatti afoolli tajaajila

hawaasummaa adda addaa bal'aa kan kennudha. Dabalataanis, Addunyaan (2014:170) faayidaa afoolaa yoo ibsu, “Afoolli tajaajila hedduu qaba. Isaan keessaa muraasni haala yeroo ibsuufi ta'insoota kuusuu, hir'inaafi cimina jiru qeequu, onnachiisuu, barsiisuufi miliqsuudha,” jechuun lafa kaa'eera. Faayidaawwan afoolaa kanneenis, tokkoo tokkoon isaanii haala armaan gadiin ilaalamaniiru

**a. Ibsa Kennuuf:** Faayidaa afoolaa keessaa inni tokko ibsa kennuuf gargaaruu isaati. Afoolli gosa kanaa hawaasa biratti gaaffilee bu'uuraa ka'aaniif deebii kennuu kan yaaludha. Gaaffileen kunneenis, uumamoota mul'atan eenyutu uume? Eessaa dhufani? Jechuun eessaa dhuftee wantotaafi namootaa kan gaafatan ta'u. Fakkeenyaaf, gaangeen maaliif hindhaltu? Eegeen re'ee maaliif ol garagalee? Namni maaliif du'a? Jedhanii, sammuu namaa keessatti gaaffilee uumamaniif afoolli deebii kennee nama tasgabeessuuf nigargaara (Wasanee, 2000:67).

**b. Cimsuufi Dhaabuuf:** Faayidaan afoolaa inni biraan cimsuufi dhaabuudha. Kunis, aadaa hawaasaa keessatti gochaalee guyyaa dhalootaa irraa hanga guyyaa du'aatti raawwataman kanneen akka: guyyaa da'umsaa, dhagna qabaa, gaa'ilaa, gootummaa, sirna awwaalchaafi kkf jiruufi jireenya hawaasa keessa akka hindhabamne gochuudha.Gochaaleen kun itti fufiinsa akka qabaatan gochuuufis, afoola fayyadamuudhaan cimsanii dhaabanii dhalootarraa gara dhalootatti daddarba.(Geetaachoo,2005:34)

**c. Miliquuf:** Afoolli miliquuf kan fayyaduudha. Dhalli namaa jiruufi jireenya nuffisisaa ta'ee keessaa bahee, addunyaa haaraa keessa yaadaatiin galuu barbaada. Kanas kan godhu taphaafi kolfa afoola keessa jiru qooddachuudhaan ta'a. Addunyaa haaraa keessa seenanii of arguufis, barsiifataafi aadaa irra ce'uudhaan jechoota saalfii ta'an illee nidubbatu. Fakkeenyaf, intala sooressaa fuudhuu, akka simbirroon barrisa, mootiin ta'aafi kkf afoolatti gaaramanii walbohaarsuu fa'a (Fekade, 1991:102).

**d. Barsiisuuf :**Afoolli beekumsaafi muuxannoo hawaasa waggoota dheeraa kan of keessatti qabatedha. Kanaafuu, hawaasichi afoolatti fayyadamuudhaan seera jireenyaa, amala gaariifi tooftaa walbarsiisa. Haala nyaataafi dhugaatii, haala uffannaa, haala dubbii, arjummaa, tokkummaafi wkf daa'immaniifi dargaggoota ittiin barsiisuu-dhaan ijoollummaa irraa kaasee hanga dullumaatti ittiin sammuu isaanii qaru (Okpewho,1992; Fekade,1991:103). Akkasumas, afoolli hubannaa hawaasaa ykn nama dhuunfaa tokkoo jijjiiruu, cimsuu ykn barsiisuu keessatti

qooda olaanaa qaba. Safuu, duudhaa, eenyummaafi seenaa hawaasa tokkoo barsiisuuf afoolli iddoo guddaa qaba. Namni barnooticha fudhatus ta'e, barnooticha dabarsu osoo hinnuffiin barnoota kennuufi fudhachuu danda'a.

**e. Naamusa Eegsisuuf:** Hawaasni afoolatti dhimma bahuun ijoolleensaa naamusaan akka jiraatan ittiin to'ata. Namoota naamusa gaarii hinqabne ittiin abaara. Warra naamusa gaarii qaban, warra safuu hawaasichaatiin bulan ittiin dinqisifachaa, ittiin jajjabeessaa, amala gaarii hintaane kanneen akka: hannaa, sobaa, hammeenyaa, sodaafi wkf irratti jibbinsa qabu ittiin ibsata. Afoolli haala jireenyaafi amala gaarii akkuma barsiisu amaloota gaarii hintaanes kan hawaasichi jibbu akka hinbabal'anne ittiin to'achuufis nigargaara (Fekade,1991:88).

**f. Siyaasa Biyya Tokkoo Ittiin Mormuuf (Deeggaruuf):** Hawaasni kamiyyuu jalqabaa kaasee sirna ittiin walbulchaa ture; siyaasa dhuunfaasaatii kan ta'e niqabaata. Fakkeenyaaf, Sirni Gadaa sirna Oromoon dhalootaa gara dhalootaatti walharkaa fuudhaa yeroo kanaan ittiin walgaheedha.Har'as yoo ta'e, maddi seera bulmaataa aadaa sabichaa waan ta'eef aadaan uummatichaa afoola isaa keessaan waan calaqqisuuf manguddoonni biyyaas, sirna ittiin bulmaataa keessatti afoolatti dhimma bahu.Seerri sabni tokko ittiin bulus, utuu aadaa sabichaa gidduu galeessa godhate, uummanni qooda balaaleffannaa, mararfannaa, qooda mormuu immoo, deeggaraa ta'aa adeema.

**g. Gama Xiinsammuutiin:** Falaasamni afoolaa hawaasa tokkoo keessatti argamu xiinsammuu sabichaa waliin hidhata guddaa qaba. Fakkeenyaaf, Oromoon yeroo hedduu afoola isaatti dhimma bahuun marii, dubbii ulfaataafi gorsaan badhaadhe walii walii isaatiin gahata. Jiruufi jireenya keessatti gaddiifi gammachuun, abdii argachuufi dhabuun, waan guddaa bira ga'uufi ga'uu dhabuun, bilisummaaf dheebochuufi kkf nimul'atu. Yaada haala kanaan muddame kanas, mammaaksan,durduriin,weedduufi faarsaan qabanii kan dhiphate boqochiisuun afoolatti gargaarmaniiti.(Wasanee,2000:68)

**h. Jireenya Borii Ittiin Xiinxaluuf:** Karaa biraatiin ammoo, hawaasni beekumsaafi muuxannoo hawaasa duriifi ammaa walbira qabuun, bu'a bahii jiruufi jireenya isaanii keessatti isaan mudate akkuma afoola isaaniin ibsachaa oolan; waan boru isaan quunnamuufi isaaniif ta'u ittiin raaguufis afoola isaaniitti gargaaramuun ibsatu. Kanaafuu, namni isa dur ture dhagahe, isa amma jiru arge, waan boru ta'u tilmaamuun isa hindhibu.

**i. Guddina Ogbarruu Barreeffamaaf:** Afoolli ogbarruu barreeffamaa keessatti akka mi’eessituutti gargaara. Kanaafuu, dhimmoota barreessinu keessattis ta’e dubbannu keessatti afoola gargaaramuun dubbistoota ykn dhaggeeffattoota keenya haalaan hubachisuufi gorsuu nidandeenya. Kana ilaalchisuun, Asafaan (2009:25) yoo ibsu, “Ogafaaniifi ogbarruun dubbiiwwan haalawaa kanneen akka: saaduufi jajuu, akkasaa, bakkasaafi nameessaa gargaaramu,” jedhaman ergaa baay’ee bal’aafi ijoo ta’an dabarsuuf nigargaaru.

### 2.1.4. Afwalaloo

Afwalaloon damee afoolaa keeessa tokko yoo ta’u, jiruufi jireenya ilma namaa keessatti namoota cimsuurratti afoolota warren kaan caalaa filatamaadha.Fakkeenyaaf, yeroo daboon waliin hojjetu haamilee walii kennuu, yaada diinaa ofirraa cabsuufi gita qabsoo keessatti gahee olaanaa qaba. Oromoonis, afwalaloowwaan dhimma adda addaa ittiin ibsachuuf itti gargaaramu hedduu of keessaa qaba. Faayidaa afwalaloon walqabsiisee Zelalem(2003:57) yoo ibsu*, “Oromo oral poetry is one of those modes of expressions, that helps to externalize human feelings and imaginations, about love, dream, hope thoughts, aspirations, and ideas about gods, about nature, about beauty and other many things*” jechuun lafa kaa’eera. Akka yaada kanaattis, afwalaloon Oromoo meeshaa guddaa yaada ilma namaa keessaa jiru ittiin bakkeetti baafatan ta’ee, waan yaadan, waa’ee jaalalaafi jibbaa, abjuufi abdii fuula duraa, uumaafi uumamaa, bareedinaafi fokkinaa, dhimma roorroo, dhiphuufi kkf ittiin ibsachuuf kan gargaarudha.

### 2.1.5. Gosoota Afwalaloo

Afwalaloon gosoota adda addaa of keessatti hammachuu nidanda’a. Kana ilaalchisuun, Finnegan (1970:92) afwalaloo Afriikaa gosoota garaagaraa kanneen akka: Afwalaloo weellisaarratti hundaa’u, afwalaloo nama tokko leellisu, afwalaloo gaddaa (sirna boo’ichaa), afwalaloo amantii, afwalaloo barbaachisummaa adda addaaf (adamoo, waraanaafi hojii), afwalaloo sirbaa (geerarsaa), faaruu namoota aangoofi hirmaannaa siyaasaa olaanaa qabaniifi faaruufi tapha ijoollee jechuun qoqqooddee ibsitee jirti. Haaluma kanaan qorattoonni baay’een, afwalaloo Oromoo qorachuun bakka adda addaatti qoqqooduuf yaalaniiru.Isaan keessaa muraasni haala armaan gadiin ka’aniiru. Isaanis:

Afwalaloowwan Oromoo: afwalaloo jaalalaa, faaruu gootummaa, afwalaloo seenaa, faaruu tiskee, faaruu ayyaaneffannaa amantii, afwalaloo qeeqaa, faruu nama beekamaafi afwalaloo dhimma hawaasadha (Wasanee, 2000:123).

***Afwalaloowwan Oromoo***: Afwalaloo dinqisiifannaa (galateeffannaa)fi afwalaloo nama tokko leellisu,afwalaloo gaddaa,afwalaloo hurursa daa'immanii,faaruu tiksee,afwalaloo mammaaksaafi afwalaloo barbaachisummaa addaafidha. (Tafarii, 2006:59).

***Afwalaloowwan Oromoo***: afwalaloo jaalalaa, afwalaloo amantaa (afuuraa), faaruuwwan waktiilee ibsan, afwalaloo barbaachisummaa addaasiyaasaafi faaruu asmaarii, (Tasama, 2004). Afwalaloowwan Oromoo: afwaloo jaalalaa, afwalaloo waraanaa (adamoo), afwalaloo seenaa, faaruu tiksee, ayyaana waaqeffannaa, afwalaloo qeeqaa, afwalaloo qabeenyaa, afwalaloo haalaafi walaloo gaggabaaboo Oromoodha (Tafarii, 2006:60).

Yaada hayyoota kanaarraa wanti nuti hubannu, hawaasni kamiyyuu, afwalaloowwan matasaa kan qabaatu yoo ta'u, hawaasni Oromoos afwalaloowwan dhimma garaa garaaf itti gargaaramu niqabaata. Akka argannoo qorattoota kanaattis, qoqqooddiin isaan kaa'an baay'een isaa kan walfakkaatu yoo ta'u, bakka muraasatti garuu, garaa garummaa niqabaata.

### 2.1.6. Maalummaa Faaruu

Faaruun miira mararfachuun guutamee jiruudha.Namni tokko waan faarsu sana jaallatee mararfata. Wanti faarsamu sun biyya, hiriyaa, haadha, abbaa, loon, dachee, waaqa goototaafi kan kanfakkaatu ta'uu danda'a. Ilmi namaas wantoota kana keessaa tokkoof miira jaalalaa qabuuf faarsuun mul'isa. Warquufi kaawwan (1993:63) faaruu gabaabsee yoo ibsu "jajachuu yookan mararfachuu akka ta'etti lafa kaa'a". Qabiyyeerratti hundaa'uu faaruu waaqaa,dachee,jaalalaa, biyya, hiriyaa, loon haadha, abbaafi jechuun gosa adda addaatti qooddama. Dimshaashumatti faaruuwwan kunniin gareedhaanis ta'ee dhuunfaan faarsamuu nidanda'a. Dhimma dhiyaatuuf bu'uurefachuudhaan hurruubummaa niqabaata.Yoo miira gammachuu qabaate ni huruubama, yoo faaruu gaddaa ta'e immoo hinhurruubamu. Kanaafuu sochii qaamaan walqabachuun isaa haala keessatti faarfamurratti daanga'a jechuudha.Uummanni Oromoo yommuu sirbu jechuma afaanitti dhufe tokko fudhachuun sirba osoo hintaane itti yaadee haala inni ergaa dabarsuu danda'uun,aadaa, safuufi duudhaa hawaasichaa eeguun walaloofi yeedaloo bareedaa walitti

fiduun meeshaa muuziqaa waliin dabaalee sirba. Yaada kana ilaalchisee Gammachuun (2003:8-9) yoo ibsu:

> *Songs are one of the most way in which the Oromo express thier traditions, customs beliefs, rituals, sorrow and joys. And songs are the means by which the Society express its feelings and emotins, understanding about the past, react to the present situations, teaches the new generation and forwards to the coming generations,* jedha.

Yaada kanarraa wanti hubatamu,faaruun karaa Oromoon aadaa, duudhaa, amantii, amantaa, gaddaafi gammachuu qabu ittiin ibsatu; akkasuma haala kaleessa ture kan ittiin xiinxalu, kan har'aan walqabsiisee dhaloota kan ittiin barsiisuufi dhaloota itti aanutti ittiin dabarsu ta'uu isaati. Itti aansuun barruu adda addaa waa'ee sirbaa keessaayyuu, sirba asmaarii waliin walqabatan sakatta'uun yaada barreessitoonni sirbaafi faaruun weellisaa duudhaa ilaalchisee ibsanii jiran keessaa hanga tokko maal akka fakkaatu armaan gaditti ilaaluudha.

Odeeffannoon toora intarneetii (http://whatismusic.info/chapters/whatismusic-2-what-is-music.psdf) jedhamu tokko maalummaa sirbaa yommuu ibsu *"Asimple answer is that music is enjoyable—it makes us"feel good".We could expand on this a bit and say that music creates emotions, or interacts with the emotions we already feel and, sometimes, it makes us want to dance,"* jedha. Yaada kanarraa wanti hubatamu, sirbi sagalee sirbitootaa meeshaa muuziqaa waliin gurra namaaatti dhagaahamu, yerootaphatamu miira gaarii keessa namaatti dhageessisuufi yeroo hedduu namni sirba dhaggeeffatu akka socho'uuf (dance) nama hawwatu ta'uu isaati.

### 2.1.7. Faayidaa Faaruu

Faaruun faayidaa garaagaraa qaba. Kanaaf faayidaa faaruu haala tokko qofaa keessatti kana jedhanii ibsuun nama rakkisa. Sababni isaas faaruun haala hawaasni tokko keessa jiruun kan ibsamuufi qabiyyee yeroo sana ibsuu barbaade irraa ka'uun dhiyaachuu nimala. Haaluma kanaan, sirbi Oromoo biratti daangaa waliigaltee ofii isaafi saba biroo gidduu jiru ittiin ibsuuf tajaajila.Yaada kana ilaalchisuun Jeylan (2015:18) yoo ibsu, *"The song communicates how the Oromo demarcated between themselves and the autochthonous groupsof people whom the Oromo subjected and assimilated,"* jedha. Kanaaf, Oromoon sirbaan sadarkaa ofii qabuufi haala walitti dhufeenya hawaasa biroo wajjin qabu kan ittiin ibsu ta'uu isaati.

Haaluma walfakkaatuun, sirbi yookaan muuziqaan namoota dabuma qabanitti onnee horuu yookaan goota taasisuu nidanda'a. Yaada kanas Filee (2016:216) yoo ibsu, "Muuziqaan ruqoolee adda addaatiin qindaawee, aadaa hawaasaa wajjin walsimee, jechoota hiik- heddee qabaniin miidhagee, sagalee kiloleedhaan dabaalamee dhiyaate nama onnee hinqabnetti lubbuu hora,"jedha.Yaada kanaan kanwalqabatu, sirbi yookaan muuziqaan jechoota nama onnachiisaniifi sagalee bareedaan dhiyaatan namoota sodaa yookiin dabuma qabanitti haamilee kan horu ta'uu isaati. Gama biraatiin sirbi yookaan muuziqaan daangaa biyyaa kabachiisuu keessatti iddoo olaanaa kan qabudha. Yaada kanas Filee (2016: 216) yoo ibsu, "Muuziqaan namoota kallattii kanaan ogummaa, muuxannoofi fedhii akkasumas dhalootaan kennaa uumaa qabaniin dhiyaate rasaasa caalaa heeraafi seera yookiin labsii biyya tokkoo yookiin mootummaa tokkoo jijjiiruu, fooyyessuu, gonkumaa hanqisuu, dogoggora sirreessuu, komii uummataa ibsuufi beeksisuu keessatti gahee olaanaa qaba."jedha.

Waraabbii kanarraa wanti hubatamu, muuziqaan yookaan sirbi ergaa barbaachisu dabarsuun dogoggora jiru sirreessuufi kallattii waan tokkoo agarsiisuu keessatti humna guddaa qabaachuu isaati.

### 2.1.8. Faaruu Weellisaa Duudhaa (Asmaarii)

Faaruun gosa sirbaa walalootti gargaaramuun yaada ergaa lama qabu jechootaafi gaaleen ibsuufi dhaloota itti aanuuf dabarsuu irratti iddoo olaanaa qabudha. Kanaaf, faruun weellisaa duudhaa waan keessa namaatti dhagahamu, haalaafi dhimmoota hawaasummaan walqabatan ifa gochuufi bashannansiisuuf kan ooludha.Yaada kana ilaalchisee Powns (1968:67) yoo ibsu, "Faaruun weellisaa duudhaa aadaa Uummata Itoophiyaa tursiisuufi dhalootaa dhalootti dabarsuu irratti gahee guddaa taphataa ture, jiras. Innis sirba isaa keessatti waa'ee isa darbee kaasee sirbuun dhaloota itti aanuuf qusatee dabarsaa ture," jedha. Yaada kana irraa wanti hubatamu, Faaruun kun akkuma damee afoola biroo aadaa hawaasaa dhalootaa dhalootatti dabarsaa kan ture akka ta'edha.

Karaa biraan faaruun weellisaa duudhaa mana amantaa keessatti, keessaayyuu mana amantaa Ortodoksii keessatti Waaqa ittiin galateeffachuuf bara durii kaasee tajaajilaa jira. Kanas, Kebede (1991:55) yoo ibsu, "Faaruun weellisaa duudhaa mana amantaa keessatti kan beekamu, keessaayyu tajaajila Mana Amantaa Kiristaanaa Ortoodoksii keessatti waaqa ittiin faarsuun

beekamaadha jedha. Yaada kanarraa wanti hubatamu, faaruunweellisaa duudhaa durii kaasee mana amantaa kiristaanaa keessatti tajaajilaa kan ture ta'uu isaati.

Dabalataan faaruun weellisaa duudhaanama bashannansiisuun gamatti, akkuma gosa weedduu biroo haamilee gootaa faarsuunkanjajjabeessuufi daangaa biyyaa eeguu keessatti qooda guddaa kan qabudha. Yaada kana Kebede (1991:56) yoo ibsu weellisaan duudhaa gootota dirree waraanaa deeman duukaa gara dirree waaraanaatti bobba'uun loltoota dirree waraanaa faarsanii jajjabeessaa turan jedha.Kanaaf yaada kanarraa wanti hubatamu, faaruun weellisaa duudhaa bashannana qofaaf kan oolu osoo hintaane, gama daangaa biyyaa eeguu keessattillee qoodaa qabaachuu isaaati.

### 2.1.9. Bifiyyee Faaruu

Qo'annoon bifiyyee  hojii ogbarruu tokko adda godheet ilaala. Kunis ogbarruun afaan mataa isaa qaba; isa kanatu adda isa taasisa jedha.Afaan ogbarruu keessatti itti fayyadamnu afaan yeroo biroo itti fayyadamnu irraa adda. Inni kunis filannoo jechootaafi kan biroo hammata. Bifiyyeenis uunkaa kana bu'uura godhachuun hojii ogbaruu tokko xiinxala. Gabaabumatti, wanta ogbarruu tokko ogbarruu taasise irratti xiyyeeffata. Kunis akkaataa ogbarruun jireenya keenya, addunyaa keessa jiraannuufi jireenya hawaasummaa bareechee ittiin ibsuu dabalata. Haaluma kanaan qabxiilen xiyyeeffannoo yaaxina bifiyyee kanaa afwalaloo faaruu irratti ta'ee caalmaattimmoo sadoommii, gaalee ,birsagafi fayyadama jechootaa walaloo irratti xiyyeeffata.

Faaruun bifa walalootiin kan dhiyaatu ta'ee jechoota filatamootti kan gargaaramudha. Filannoo jechootaafi yaada bal'aa dabarsuun alatti faaruuwwan kanneen akka miidhagan kan taasisan caaseffama isaaniiti. Faarfannaaleen kanneen bifa walalootiin waan mul'ataniif caaseffama isaanii jalatti kanneen hammataman kan akka hiriira jechootaa, walmadaallii walaloo, sagaleewwan olka'anii dubbifaman, rukuttaa manaa, walmadaallii birsagaafi walitti dhufeenya sararoota gidduu jiranirratti xiyyeeffachuun qooduu nidanda'ama.Walumaa galatti, caaseffama yoo jennu bifa faaruun garagaraa ittiin tarreeffaman kan ilaaludha. Walaloon gosa ogbarruu ta'ee, kan sagaleefi hiika afaanii walsimachiisee yaadaafi dhageettii uumudha. Faaruun weellisaa duudhaas bifawalaloon barreefamaankan dhiyaatu dha. Kanaafuu, faaruun  afoolaa uummata keessaa tokko ta'ee, akkaataa walaleessummaa mataa isaa qaba.kunis Walaleessummaan safara, sagalee moggoo (Ryhem), yeedaloo (Rhythm)fi cabsata (stanza)of keessatti qabata. Dhimmoonni

walaleessummaa walaloo ijaaran keessaa muraasni armaan gaditti kaa'amanii jiru.Kanumaan wal qabatee qindoominni jechootaa akkaataa caaslugaa sirri ta'uun qofti gahaa miti. Himni sun kan miira namaatti dhagaahamuufi kan hawaasicha biratti fudhatamu ta'uu qaba (Irreessoo, 2006:42).

#### 2.1.9.1. Sadoommii (Dubbii Qolaa)

Dubbiin qolaa, haala dubbii kan asoosaan ykn waloon tokko dubbii isaa mi'eessuuf, ho'isuuf, miidhagsuuf, akkasumas dhaggeeffataan ykn dubbisaan hubatuuf faallessuun (maquun) yaada isaa qindeeffatu ilaala. Malli dubbii akkanaa kun wanti lubbuu hin qabne akka lubbuu horatuuf, kan dhimmi isaa jiru akka ifuuf, wanti xiqqoon akka guddatee mul'atuufi waan kana fakkaataniif gahee guddaa qaba. Akkasumas, maalummaa dubbii qolaa ilaalchisee, Addunyaan (2014:208) yoo ibsu, "Malleen dubbii fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'eenergaa tokko nama hubachiisanidha.Kana jechuunis, karaa ittiin waanguddaa tokko kinneessanii, kinnoo ammoo arbeessanii, binoo nameessanii, namoo bineensanii, walcinaas qabanii, cinaachaan himaniifi kkf taasisuun hubannoof haala mijeessan jechuudha,"jechuun kaa'eera.

Gosoonni sadoommii (dubbii qolaa) kunis, gosa adda addaatu jira. Keessumattuu Afaan Oromoo keessatti heddumminaan argama. Innis, Afaan Oromoo osoo afaan barreeffamaa hin ta'iin afoola hawaasichaa keessa kan tureefi umurii dheeraa qabudha. Kanaafuu, nutis jiruufi jireenya guyyaa guyyaan dabarsinu keessatti beeknees haata'u osoo hin beekiin dubbii qolaatti gargaaramaa oolla.Gosoota dubbii afwaloo keessatti nugargaaranis muraasa isaanii armaan gadiitti ilaalla.

**A.Akkasaa (Morkii):** Akkasaan malleen dubbii miidhagina haasawaa keessattis ta'e kan barreeffama keessatti gahee guddaa qaba. Innis, jechoota 'akka,' 'fakkaata' 'hanga' jedhanitti gargaaramuun wantota adda addaa lama waldorgomsiisuun akka salphaatti hubatamu gochuudha (Addunyaa, 2014: 68).

Fkn.a. Baruma baraan beela

b. Akka raafuu nama affeela

Afwalaloo kana keessatti addeeffamaan beela,addeessaan raafuudha.Beelli wanta hinmul'anne yoo ta'u, raafuun baala affeelamee nyaatamuudha. Akka fakkeenya armaan olii kanarraa mul'atutti wantonni walcinaa qabamanii madaalaman kunniin qooddiin ramaddiifi amala garaa garaa qabu. Afwalaloon kun garuu, waan hinmul'anne waan mul'achuu danda'uun walcinaa

qabee addeesse. Kun ammo namni beela bara sanaa hinbeekne yeroo affeelamaa raafuu argu beelichi ammam akka nama miidhuu danda'u hubachuu danda'a.

**B.Atee /Jedhiyaadii**

Ateen waan nu bira hinjirre tokko akka waan nu bira jiruutti dhiheessuun kan itti gargaaramnuudha. Yaada kana deeggaruun Zarihuun (1992:116) haala kanaan ibseera. Jedhiyaadiin waan nu bira hinjirre tokko namas ta'e namaan ala kanneen ta'an akka waan nu bira jiranii nu dhaggeeffataa jiraniifi deebii nuuf kennuu danda'anitti fudhachuun, gaaffii gaafachuun, marii wajjin taasisuun, haasofsiisuu, qaaqsuu, gaddisiisuun yookin kofalchiisuu irratti hundaa'ee mala dubbii uumamuudha. Fakkeenyaaf, "dachee niitii waaqaa dubbadhu waan argite'yoo jenne hima kana keessatti dacheen akka namaatti akka yaaduufi dubbachuu dandeessutti fakkeessinee dhiyeessuudha.

**C.Fakkoommii (Mallattummaa):** Fakkoommiin waan qabatamaa, iddoo gocha tokko waan biraaf bakka buusee waan guddisee ibsuu barbaade sana ittiin agarsiisuuf fayyada. Fakkoommiin ykn muldhiseen yaada mallattoodhaan bakka buusuu ykn ammo amalaafi hiika bakka bu'aa sanaa gonfachiisuudha. Kanaafuu, fakkoommiin yaada baay'ee walxaxaa yookaan ifa hintaane tokko karaa ittiin dabarfataniidha.Keessumattuu, wantoota jireenya dhala namaa keessatti baay'ee murteessoo ta'an karaa ittiin ibsatanidha.

Gosoonni fakkoommii bakka gurguddaa sadiitti qoodamu. Isaan keessaas: fakkoommiin inni jalqabaa akka waliigalaatti (addunyaatti) beekamaa kan ta'edha. Inni kun haala walfakkaatuun hawaasa hunda biratti waan beekamuuf jecha hiika isaa bira gahuun nama hinrakkisu. Fakkeenyaaf, hadaan birraa; jaalala, dubaree, miidhagina bakka bu'a; gugeen, nageenya bakka buuti; biiftuu (aduun) ba'uun: jijjiirama, waan haaraa, deebi'anii dhalachuu bakka bu'a. Inni lammaffaan ammoo, akkaataa aadaa, barsiifata jireenya, safuu, kabaja hawaasaa waliin kan walqabate. Mallattummaa akkasii hawaasicha keessaa kanneen bahan waan ta'aaniif halagaan fakkoommii akkanaa hubachuuf ni rakkata. Fakkeenyaaf, ummata Oromoo biratti, bifti gurraachi waaqatti, ykn amala waaqaatti yoommuu fakkeeffamu, uummata biroo biratti ammoo, mallattoo gaddaati. Kun ammoo, fakkoommiin falaasama jiruufi jireenya hawaasaafi mudannoo uummata tokkoorraa kan uumame ta'uusaa agarsiisa.

Kanarraan kan ka’e,akka fakkoommii waliigalaa sana haala walfakkaatuun hubachuun rakkisaadha. Inni sadaffaan ammoo, fakkoommii dhuunfaati. Fakkoommiin dhuunfaa (matayyaa) ammoo, kan waloon xiyyeeffannoo addaa kennuudhaaf akka ilaalchaafi hubannoo isaatti itti gargaaramuudha. Kunis, kan dhuunfaasaa waan ta’eef karaa waloo sanaa qabatanii, qara sammuu ofiitiin gadi fageenyaan yaadanii deemanii deemanii suuta yaadan yoo bira gahan malee ergaan isaa hinhubatamu.

Gama biraatiin bifiyyeen F.W.D. walaloo faaruu sana ijaaran irratti xiyyeeffatee maal akka fakkaatu xiinxaluun ni danda’ama.Isaanis sarara (bo’oo) walalichaa, gaaleewwan bo’oo keessatti argamaniifi birsagoota gaalee sana ijaaramaniin ni xiinxalamu.Isaanis akkataa kanaan gadiitti ibsamaniiru.

**Sararoota (Lines):** Sararri walaloo yeroo baay’ee ergaa dabarsuuf sararoota lamaafi lamaa ol yoo ta’e yeedaloo uumee walaloo ta’a.Sararri walaloo tokko bo’oo walaloo yoo ta’u gaaleewwan irraa kan ijaaramanidha.

**Gaalee (phrase):** Gaaleen jechoota irraa kan ijaaramuufi birsaga murtaa’aa kan qabu ta’ee, hafuura tokkoon kan dubbifamu; walakkaa toora walalooti. Irreessoonis (2006:32) keessatti “gaaleen garee jechootaa irree tokko uumuu waan tokkoof dhaabbatan yoo ta’an, matimaafi xumura kanneen wal duukaa hinqabaannedha” jedha. Egaan yaada kanarraa ka’uun afwalaloo keessattis walakkeessi bo’oo walaloo gaalee jedhameeti waamama.

**Birsaga (Syllable):** Birsaga jechuun cita sagalee afuura tokkoon dubbifamu akka ta’edha. Faaruu kana keessattis gaalee baayina birsaga garaa garaatiin guute argina.Sababiin isaas birsagni dhaabbataan filannoo jechootaa kana kessatti walqixa safaramee bifa walfakkaataa ta’een kaa’uuf seerri namadirqisiisu hinjiru. Haaluma kanaan Afaan Oromoo keessatti gaaleen birsagaan yogguu safaramu, birsagni ammoo, qindaa’ina dhaamjechootaa irratti hundaa’ee xiinxalama.

## 2.2. YaaxinootaQorannichaa

### 2.2.1. Yaaxina Bifiyyee (formalism theory)

Bifiyyeen yaaxinna ogbarruu yoo ta’u, innis Moskowfi St. Petersburg keessatti jalqabe.Yaaxxina kanas yeroo duraatiif warra Raashiyaatu itti fayyadame. Kanaaf,yeroo hedduu 'Russian Formalism' jedhamuun beekkama. Bifiyyeen yaaxxina ogbarruu unkaa(form) isaa irratti

hundaa'uun madaaluudha. Hayyoota yaaxxina kanarratti hojjetan keessaa, Victor Shklovsky, Boris Eichenbaum, Jurij Tynyanovfi Roman Jacobson isaan muraasa.

Gama biraatiin, bifiyyeen xiinqooqa qo'annoo hojii ogbarruuf kan ooluudha. Kunis hojii ogbarruu uunkaafi caasaa isaatiin ilaala. Yaaxxina kanaan hojii ogbarruu tokko qo'achuun kun bara 1920moota keessa jalqabe. Haaluma kanaan, waraana Addunyaa lammaffaa booda immoo gara Faransaay ce'uun bara 1960tti hidda isaa babal'ifate. Boodarra biyyoota Ingiliizii keessattis dagaage.

Qo'annoon bifiyyee kun hojii ogbarruu tokko adda godheet ilaala. Kunis ogbarruun afaan mataa isaa qaba; isa kanatu adda isa taasisa jedha.Afaan ogbarruu keessatti itti fayyadamnu afaan yeroo biroo itti fayyadamnu irraa adda. Inni kunis filannoo jechootaafi kan biroo hammata.Bifiyyeenis unkaa kana bu'uura godhachuun hojii ogbaruu tokko xiinxala. Gabaabumatti, wanta ogbarruu tokko ogbarruu taasise irratti xiyyeeffata.Kunis akkaataa ogbarruun jireenya keenya, addunyaa keessa jiraannuufi jireenya hawaasummaa bareechee ittiin ibsuu dabalata.

### 2.2.2. Yaaxina Xiinsammuu (Psychoanalytical Theory)

Yaaxinni kun yaada hayyuu xiinsammuu kan ta`e Sigmund Freud kan nama yaadachiisu ta'uu Dorson(1972)ibseera.Akka yaada yaaxina kanaattis, qorannoon fookloorii xinsammuu hawaasaa itti fayyadamu bu'uura godhachuu akka qabudha.Kunis hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti waan amaleeffate, dubbii tokko waanirraa ka'ee jedhuu, sababii jedhuufi kaayyoo jedhuuf qaba. Akki itti fayyadama hawaasichaa ergaa sirrii kan dabarsuta'ee namnihundi akkaataa hubachuu danda'uun ta'uu qaba.

Kanaafuu, akki itti fayyadama fookloorii hawaasa tokko keessatti argamu xinsammuu itti fayyadamaa sanaa bu'uura godhata. Kun immoo, hawwasa hunda biratti fookloorii hundi tajaajila tokkoof yookiin hiika walfakkaatu kennuuf akka hinoolle agarsiisa. Kanaaf, qorataan fookloorii tokko xiinsammuu itti fayyadamtoota fookloorii sanaa gidduu galeessa godhachuun qorannoo geggeessuu qabu. Kunis maaliifi akkamitti itti fayyadamu, fookloorii isa kamtu ergaa akkamii qabaaf, bakki bu`iinsi yaadaa isaan fookloorii garaagaraaf itti gargaaraman maal fakkaata jechuun waan itti fayyadamaan sana bu'uura godhate xiinxaluun barbaachisaa ta'uusaati.

### 2.2.3. Yaaxina Haalawaa (Contextual theory)

Akaakuuwwan fookloorii qorachuuf hayyoonni yaaxina haalawa fookloorii akka fayyadaman barreeffamoonni qorannoo adda addaa niibsu. Yaaxinni kunis, yoomessaafi haala kam keessatti akkaataa kamiin fooklooriin akka dhiyaate kan xiyyeeffatuudha.

Egaan mataduree qorannoo kana geggeessuuf yaaxinni irra caalaatti filatamu yaaxina bifiyyeefi yaaxina haalawaa dha.Sababni isaas ,yaaxina bifiyyee keessatti unka afwalaloo keessumattuu faaruun weellisaa duudhaa akkaataa ijaarsa isaa ,birsaga isaa,sadoommiifi itti fayyadama jechootaa hawaasa aanaa Najjoof qabu kan xiinxalamu yommuu ta'u;yaaxina haalaa jalattimmoo faaruun weellisaa duudhaa haalaa akkamii keessatti geggeeffama kan jedhu irratti hundaa'uu isaati.

## 2.3. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Kutaa kana keessatti waraqaalee qorannoo kana waliin kan walitti dhufeenya qaban yookiin walfakkaatan kan keessatti dhiyaatuudha. Kanaaf, qorataan mata-duree "xiinxala bifiyyeefi qabiyyee faaruu weellisaa duudhaa"jedhu irratti qorannoo kallattiin gaggeeffame argachuu hindandeenye. Haa ta'u malee, qorannoo mata-duree*"Major themes and performance style of Azmari Lryics in Gondor"*kan jedhu Yuunivarsiitii Finfinneetti waraqaa qorannoo digirii lammaffaa ittiin guutachuuf Tigisti Girmatiin bara 2010 hojjetame  mata-duree qorannoo kana waliin walbira qabee ilaaluu  yaaleera.

### Garaagarummaan Qorannoon Tigisti Girmaafi Qorannoo kanaa

Waraqaan qorannoo Tigisti ergaa faaruu weellisaa duudhaa irratti kan xiyyeeffate ta'ee, akkaataa hurruubummaa faaruu weellisaa duudhaa giddu galeessa kangodhateefi yeroo weellisaa duudhaan faarsu akkaataatti hurruubamukan ibsu yommuu ta'u, qorannoon kun immoo, bifiyyeefi qabiyyee faaruu duudhaa xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatedha.

Qorannoon Tigisti ergaa faaruu weellisaa duudhaa uummata Gondor kan ibsu yoo ta'u, qorannoon kun immoo, xiinxala bifiyyeefi qabiyyee faaruu weellisaa duudhaa Aanaa Najjoo irratti kan hundaa'eedha. As keessatti garaagarummaa sabummaafi aadaatu mul'ata.

Qorannoon Tigisti dhaamsaafi haala raawwii faaruu weellisaa duudhaa qofa qaaccessa. Qorannoon kun immoo qabiyyee faaruu weellisaa duudhaa yoomessa addaddaa keessatti ni xiinxala.Gama biraan tokkummaan qorannoo kana lamaanii yoo ilaalle xiyyeeffannoon isaa addadda haata'u malee dhimma faaruu weellisaa duudhaadha.

Qorannoo biraan mata-duree kanaan walitti dhiyaatu qorataan sakatta'e, "Qaacceessa Sirba azmaarii Godina Jimmaa Aanaa Dedoo" jedhu irratti Sa'aadaa Aliyyuu bara 2012tti waraqaa qorannoo ulaagaa Digirii tokkoffaa guuttachuuf gaggeeffameedha.

**Garaagarummaan isaanii:**

Qorannoon Sa'aadaa Aliyyuu faaruu weellisaa duudhaa qaaccessuu dimshaashaaqofa irratti kan fuuleffatedha.Akkasumas,faaruu weellisaa duudhaa qaaccessuu qofa irratti kan daanga'e yoo ta'u, qorannoon kun immoo qabiyyeefi bifiyyee faaruu weellisaa duudhaa xiinxaluu irratti xiyyeeffata.

Qorannoon Sa'aadaa barbaachisummaa sirba weellisa duudhaa irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, qorannoon kun garuu,bifiyyeefi qabiyyee, yoomessa  faaruu weellisa duudhaa xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatudha.Qorannoon Sa'aadaa sirba weellisaa duudhaa hawaasa Oromoo Godina Jimmaa Aanaa Dedoo qaaccessu yommuu ta'u, qorannoon kun  ammo faaruu weellisaa duudhaa hawaasa Oromoo Godina Wallagga Lixaa Aanaa Najjoo kan xiinxaledha.Tokkummaan qorannoo kanaafi qorannoo Sa'aadaa:Lachuu faaruu weellisaa duudhaa hawaasa Oromoo qorachuu irratti xiyyeeffatu. Kana malees, argannoonisheefi qorannoo kanaas walitti dhufeenya qaba.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo mala qorataan ittiin qorannicha geggeesseef filate kan ibsudha. Kunis, mala kam fayyadamee iddattoon akka filame, ragaanfunaanames mala kamiin akka xiinxalameefi hiikame kan ibsudha. Haaluma kanaan, qorannoon kun mit-yaalii ta'ee, qoratichi aanaa Najjootti qorannoo faaruu weellisaa duudhaa gaggeessuuf mala mit-carraaattigargaaramuun iddattoo akkayyoofi darbaadabarsaa filachuun tooftaalee funaansa ragaa ta'ankeessaa afgaaffii, daawwannaafi marii gareedhaan ragaa funaanuun yaada odeefkennitootaa xiinxaluun hiikee jira.Itti dabaluun, qorannoonkun mala qorannoo akkamtaatiin kan hiikameefi ibsamedha. Yaada kana Addunyaa (2011:53) yoo ibsu,"Saxaxni qorannoo waliigala qorannichaa to'ata.Qorannichi odeeffannoo akkamtaa irratti yoo hundaa'u saxaxni isaa ibsa akkamtaa ta'a." jedha. Kanaaf yaada kana bu'uura godhachuun qoratichi mala akkamtaa fayyadamuun qorannooo isaa geggeesseera.

## 3.2. Gosa Qorannichaa

Qorannoonkun gosa qorannoo mit-yaaliifi qorannoo akkamtaa ta'ee, waa'ee faaruu weellisa duudha qorachuun xiinxaluufi hiikuun gara fuula duraatti hawaasa keessatti itti fufee akka tursiifamuufi aadaa hawaasaa dhalootaa dhalootatti akka dabarsu beeksisuudha. Qorannoo kana haala gaarii ta'een qorachuun waa'ee faaruu weellisaa duudhaa kana adda baasuuf, hubachuufi faayidaan isaa maal akka ta'e beekuuf gosti qorannoo akkamtaa qorannoo kanaaf filatamaa ta'ee argama.Waa'ee gosa qorannoo kanaa Best (1981) yoo ibsu, *"qualitative research as the type of research that is usually based on quality rather than quantity"* jedha. Kana irraa ka'uun, gosni qorannoo kun akkamtaairratti kan xiyyeeffatedha

## 3.3. Madda Odeeffannoo

Qorannoontokko haala gaariin geggeeffamuuf maddi raga isaa beekamaa ta'uu qaba. Kana keessatti maddi raga nibarbaachisa jedhee qoratichi fayyadame, madda ragaa tokkoffaafi lammaffaadha. Innis tooftaa: daawwannaa, marii gareefi afgaaffiidhaan kangeggeeffamedha. Daawwannaa jalatti  mana weellistoota duudhaa duraanii obbo Abarraa Daboofi obbo Tamsgeen Gabbisaatti argamuun faaruu duudhaa isaan faarsan sagalee isaanii mobaayiliidhan waraabuun

gara barreeffamaatti jijjiiree xiinxaleera. Marii garee keessatti immoo maanguddoota dur faaruu duudhaa hordofaa turaniifi waa'ee faaruu kanaa gadi fageenyaan beekan, yeroo ammaa sadarkaa faaruun kun irratti argamu irratti akka mariiyatan taasisee yaada isaan kennan xiinxaleera. Afgaaffiidhaan immoo dhimmoota F.W.D. keessaatti irra deddeebi'amanii mul'atan iyyaafachuun deebiin isaanii qaacceffameera.Haaluma kanaan maddeen ragaa kunneenhaala armaan gadiitti ibsamaniiru.

### 3.3.1. Madda Odeeffannoo Tokkoffaa

Maddi odeeffannoo tokkoffaa qorannoo kanaa inni duraa namoota (maanguddoota) faaruu weellisaa duudhaa faarsaa turanii yeroo ammaa kanatti sababa amantiif jecha weellisa kana dhiisanii jiraniifi namoota waa'ee faaruu weellisa duudhaa sirriitti hubannoo isaa qaban, fakkeenyaaf, qabiyyee inni ofkeessaa qabu, dhimmoota achi keessatti irra deddeebi' aman, faayidaa isaa, yeroo ammaa sadarkaa maalii irra akka jiru adda baasanii kan beekanidha. Maanguddoota faaruu kana beeku jedhamanii yaadamanis gandoota Alaltuufi Gannaasii keessaa warra buleeyyii ta'an iyyaafachuudhaan argachuun danda'ameera. Kunis jaarsolii faaruu kana faarsaa turan yoomeaa uumamaa sana fakkeessanii akkuma durii sanatti masaanqoo qabatanii akka faarsan (induced natural setting) fayyadamuun ragaan walitti qabameera.

### 3.3.2. Madda Odeeffannoo Lammaffaa

Qorannoo kanaaf madda odeeffannoo lammaffaa kan ta'e ammoo, waraqaalee qorannoo hinmaxxanfamiin kanneen itti guutinsa digirii lammaffaaf namoota adda addaan qophaa'aniidha. Kanamalees, barruulee kallattii mataduree kanaan maxxanfamaniifi hinmaxxanfamne fayyadameera.

## 3.4. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoo tokko geggeessuu keessatti mataduree filachuutti aansee jamaawwan qorannoon irratti geggeeffamu murteessuun, adda baafachuun yookaan qopheeffachuun murteessaadha. Yaada kana Best (1981:97) akkas jechuun ibsa, "*population as any group that has one or more characteristics in general that is of interest to a researcher,*" jedha. Yaada kana irraa wanti hubatamu, Jamaan garee hawaasa tokkoo akka waliigalaatti amala walfakkaataa yookaan amala adda addaa kan qabu ta'ee, qorataa qorannoo geggeessuuf murteessaa ta'uu isaati. Kanaaf

qorannoon kunis, akkuma armaan dura boqonnaa tokko daangaa qorannichaa jalatti ibsame, qorannoon ‘xiinxala bifiyyeefi qabiyyee faaruu weellisaa duudhaa’ jedhu kun Hawaasa Oromoo Naannoo Oromiyaa Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Najjootti argaman keessaa gandoota sadii: ganda Guutee Weennii, ganda Bushaanee Alaltuufi Naasii Gannaasii jedhaman irratti kan geggeeffamedha. Sababni gandoonni kunqofaan filatamaniifis namoonni faaruu weellisaa duudhaa kana faarsaa turan yeroo ammaa kana gandoota kanneen keessatti waan argamaniifidha.

### 3.5. Iddattoofi Tooftaa Iddatteessuu

Qorannoo geggeessuuf ragaa argachuun barbaachisaafi murteessaadha. Odeeffannoo funaanuuf immoo namoota hundatti kan dhimma baanu osoo hintaane iddattoo filachuun barbaachisaaadha. Kana ilaalchisee Fileen (2016:59) yoo ibsu, “Iddattoon tuuta qorannoon irratti geggeeffamu keessaa wantoota yookaan namoota ragaa kennuu danda’an filachuu jechuu yoo ta’u; tooftaan iddatteessuu iddattoo filachuuf jecha hawaasicha keessatti waa’ee mataduree sanaa ilaalchisee namoota beekumsaafi muuxannoo matadurichaa qaban adda baafachuudha,” jedha. Dabalataan Tryfos (1996:90) yoo ibsu, *“a sample is a part drawn from a larger whole,*” jedha. Yaadolee kanneen irraa akka hubatamutti, iddatteessuun adeemsa namoota odeef-keennitoota ta’an itti filataniifi gosa qorannoo sanaakaraa itti muurteessan ta’uusaati. Kannaaf qorannoo tokko geggeessuu keessatti mala iddatteessuu qorannoo sanaaf mijatu filachuun qorannoon sun adeemsa gaariin akka geggeeffamuuf gargaara. Kana irraa ka’uun, tooftaan iddatteessuu mala iddatteessuu sadii: mala carraa, mit-carraafi makaatiin kan raawwatan yoota’u, kanneen sadan keessaa qoratichi qorannoo kanaaf kan mijatu mala mit-carraatti gargaaramee qorannoo isaa geggeesseera.

#### 3.5.1. Mala Mit-Carraa

Malli iddattoo mit-carraa, mala darbaa dabarsaafi akkayyoo kan ofjalaa qabu yoota’u, malleen kana fayyadamuun ragaa funaanuun qorannoo geggeessuun gahee olaanaa qaba.Iddattoo mit-carraa keessatti namoonni yaada kennan carraan kan filataaman osoo hintaane beekumsa waan gaafatamanii qabaachuu isaanii irratti hundaa’eeti. Yaada kana ilaalchisee Filee (2016:60) yoo ibsu, “Iddattoo mit-carraa keessatti odhimtoonni kan filataman miseensummaa hawaasa sana keessa jiran qofaan yookaan carraadhaan osoo hintaane, beekumsa sirna tokkoo, raawwii taatewwan adda addaa keessatti gahee yookaan muuxannoo qabaniini,” jedha. Yaada kanarraa

wanti hubatamu, waan aadaa akka yaada biroo namumti arge kan dubbatu yookiin kan beeku osoo hintaane, namoota beekoo aadaafi duudhaa ta’an irraa kan odeeffatamu ta’uu isaati. Kanarraa ka’uun qorataan damee iddattoo mit-carraa ta’an **akkayyoofidarbaadabarsatti** fayyadamee gandoota aanaa Najjoo jalatti argaman keessaa sadii: ganda Bushaanee Alaltuu, ganda Guutee Weenniifi Naasii Gannaasii jedhaman irratti qorannoo isaa geggeesse. Kunis kan inni filatameef qorannoo kanaaf ragaa barbaachisaa argachuuf maanguddoonni dur faaruu weellisa duudhaa weellisaa turanyeroo ammaa immoo amantii jijjiirrachuun kan weelluu kana dhiisan, jaarsoliin faaruu asmaarii beekan gandoota kanneen keessatti waan argamaniifidha.

### 3.5.2. Iddattoo Akkayyoo (Itti Yaadee)

Iddatteessuun akkayyoo odeefkennitoota waa’ee qorannoo ofii ilaalchisee yaada kennuu danda’u jedhaman xiyyeeffachuun barbaadanii ragaa irraa sassaabbachuuf gargaara. Yaada kanas Dastaa (2013:61) yoo ibsu, “Iddattoon akkayyoo odeefkennitoota dhimma qorannoo ofiirratti odeeffannoo barbaachisaa tahan kanneen kennuudhaaf gahumsa hawaasa keessaa isaan irratti xiyyeeffatanii barbaaddachuudha,”jedha.Qoratichis yaada kana bu’uureffachuun namoota gandichaa keessaa faaruu weellisaa duudhaa irratti odeeffannoo kennuu danda’anirratti xiyyeeffachuunragaa funaanee qorannoo isaa geggeessee jira.

### 3.5.3. Iddattoo Eerummaa (Darbaa Dabarsaa)

Darbaa dabarsi damee iddattoo mit-carraa ta’ee, qorannoo kana geggeessuu keessatti kan qorataan odeefkennitoota ta’an irraa hanga odeeffannoo mataduree isaan walsimu argatutti odeefkennaa isa duraa irraa kallattii fudhachuun itti fufee odeeffannoo barbaaduuf gargaaramudha. Yaada kanas Filee (2016:61) yoo ibsu, “darbaa dabarsaadhaan odeeffannoo walitti qabachuudhaaf dhimma tokkorratti nama waa’ee mataduree ofii beeku irraa ka’uudhaan nama kan biraa dhimmicha beeku iyyaafachuun kan bira gahamudha,” jedha. Kanaaf qorataan mala kanatti fayyadamee ragaa funaanameen faaruu weellisaa duudhaa xiinxale.Darbaa dabarsatti fayyadamuuf sababni qorataan murteesseef, odeeffannoo quubsaan bakka tokko qofaa irraa argamuu dhiisuu waan maluuf hanga odeeffannoon barbaadamufi quubsaa ta’e argamutti faana bu’ee raga barbaachisaa argachuuf waan isa gargaareefidha.

### 3.6. Tooftaa Funaansa Ragaa

Mala odeeffannoon qorannoo itti funaanamu keessaa qorataan mala daawwannaa, af-gaaffii fi marii garee xiyyeeffatamaa fayyadamee odeeffannoo funaanee xiinxalli faaruu weellisaa duudhaa deemsifameera.

#### 3.6.1. Af-Gaaffii

Af-gaaffiin meeshaalee funaansa odeeffannoo akkamtaaf tajaajilan keessaa isa tokkodha. Malli kun mala qorataan maanguddoota waliin qaamaan walarguun fuulaafi fuulatti waliin gaaffii afaanii geggeessuudhaan ragaa argame irraa funaannatudha.Yaada kanailaalchisee Dastaa (2002:85) yoo ibsu, "Af-gaaffiidhaan yommuu ragaa funaannu kan afaaniin dubbatan caalaatti fuulli isaanii yommuu jijjiiramu, sochii harkaafi sochii ijaa irraa ragaan argamu jiraachuu danda'a," jechuun ibsa. Yaada kanarraa akka hubannutti, ragaan yommuu funaanamu kan barreeffamaan kennamu caalaa yommuu afaaniin odeef-kennitoonni dubbatan sochii qaamolee miiraa isaan taasisan irraa waa hubachuun akka danda'amudha. Bu'uuruma kanaan qorataanis afgaaffii qopheessee odeefkennitoota irraa yaada sassaabbachuun xiinxaleera.

Haaluma kanaan gaaffileen afgaaffiif dhiyaatan gaaffii banaafi cufaadha. Gaaffii banaan namoonni yaada isaanii daangaa tokko malee akka kennaniif kan gargaaru yommuu ta'u, gaaffii cufaan ammoo gaaffilee deebii gaggabaaboo kennuuf gargaaranidha. Yaada kana ilaalchisee Filee (2016:64) yoo ibsu, "Gaaffilee banaan namoonni yookaan odeefkennitoonni sodaa malee yaada isaanii bal'inaan akka ibsaniif gahee olaanaa qaba.Gaaffii cufaan ammoo gaaffii deebii gaggabaabaa tahe fakkeenyaaf, 'data', lakkoofsa, umrii, lakki, eeyyeefi kkf.Gaafachuuf nama gargaara," jedha.Qorataanis yaada kana bu'uura godhachuudhaan, yaada odeefkennitoonni Kennanirratti hundaa'uun gaaffilee biroo gaafatee yaada dabalataa argate ragaa funaannachuun odeeffannoo faaruu weellisaa duudhaa hiikuun ibseera. Akkasumas yaada namoonni kunneen ibsan irraa ka'uun gaaffilee fooyyessee yaada biraa kaasee gaafachuun odeeffannoo bal'aa argamuun qorannoon kun qaacceeffameera.

### 3.6.2. Marii Garee

Malli qorannoo kanaaf ragaan itti funaanamu inni lammaffaa marii garee yoo ta'u, marii garee fayyadamuun odeeffannoo funaanuun, odeeffannoo aadaa sirrii ta'e argachuuf hedduu kanfayyadudha. Malli kun mala odeeffannoo argachuuf namoota garee adda addaatti qooduun ragaa barbaachisaa ta'e argatanii ragaa argame sana immoo walciina qabanii hiikuuf nama dandeessisudha. Yaada kana ilaalchise Filee (2016:63) yoo ibsu, "Mariin garee odeeffannoowwan adda addaa namoota biroon kennaman mirkaneeffachuudhaaf namoota kallattii qorannoo sanaan hawaasa keessatti namoota buleeyyiifi muuxannoo qaban jahaa hanga kudha lamaa yeroo adda addaa bakkeewwan adda addaattiwalitti fiduun odeeffannoo irraa walitti qabachuudha," jedha. Qorataanis marii garee kana keessatti gandoota sadan keessaa jaarsolii lama lama baayinni isaanii namoota jaha (6) ta'an filatee garee lamatti qooduun yeroo lama deddeebi'ee ragaa karaa marii garee argamu yaadannoo barreeffachuufi suuraa kaasuudhaan ragaa maanguddoota kanneen irraa argame hiikuufi ibsuun qorannicha geggeesse. Marii kana keessattis yeroo ammaa ilaalcha namoonni weellisaa duudhaaf qabaniifi yeroo ammaa kana faaruun kun sadarkaa maaliirra akka jiru xiyyeeffannoo keessa galchuun kan geggeeffamedha. Kaayyoo marii gareen barbaachiseef qorannoo kana qixa barbaadameen galmaan gahuuf odeeffannoo dabalataafi qabatamaa ta'e argachuuf yaadameeti.

### 3.6.3. Daawwannaa

Daawwannaan gosoota qorannoon kun ittiin gaggeeffame keessaa isa tokko ta'ee kan qorataan yoomessa raawwii faaruu qorachuu barbaade san daawwachuun yaadaafii qalbiin hubatee ijaan arge kan ibsuudha. Kunis qorannoon bifa gaaffiitiin yoo qorataan yaada quubsaa argachuu baate qabatamaan waan dhugaa ta'e argachuu kan nama dandeessisuudha. Yaada kana ilaalchisee Dastaan (2013:45) waabefachuun yoo ibsu "qorataan tokko daawwannaadhaan waan hubate tokkorratti hundaa'uun waa'ee waan daawwate sanii murtii laachuu danda'a" jedhu.

Qorataan kunis mala daawwannaa keessaa daawwannaa gamisaatti gargaaramuun gaafa 6/8/2011, mana Weellisaa duudhaa obbo Abarraa Dabootti argamee,kaayyoofi barbaachisummaa daawwannaa isaa erga ibseefi booda hayyama gaafate hojii isaatti seene. Kunis wayitii weellisaa duudhaan walaloo faaruu jedhutti/himutti qorataan mobaayilaa isaatiin suur-sagalee isaa waraabuudhan raga walitti qabateera.

### 3.7. Mala Qaaccessa Raga

Malli qorannoon kun ittiin qaacceffame mala hiikaa yookaan ibsaati. Kana jechuun mala odeeffannoon daawwannaa, afgaaffiifi marii gareen funaanaman gadi fageenyaan itti xiinxalamanii jechaan ibsaman waan ta’eef, qorataanis mala kanatti gargaaramee ragaa argame kana xiinxaleera.

### 3.8. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon mata duree“Xiinxala Bifiyyeefi qabiyyee Faaruu Weellisaa Duudhaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Najjoorratti Xiyyeeffate”jedhukun boqonnaawwan shaniin qindaa’ee dhiyaateera. Boqonnaan tokko seenduubee, ka’umsa, barbaachisummaa, kaayyoo, daangaa qorannichaa ofjalatti kan hammatedha. Boqonnaan lama sakatta’a barruu adda addaa kan hammate yommuu ta’u, boqonnaan sad saxaxa qorannichaa, mala qorannoofi tooftaa iddatteessuu qorataan filatee qorannicha geggeessuuf murteeffate ofjalatti qabateera.Boqonnaa afur keessatti immoo dhiheessaafi qaaccessi ragaalee kan hammatamu yommuu ta’u, Boqonnaashan keessatti cuunfaa argannoofi yaboon walduraaduubaan dhiyaataniiru

# BOQONNAA AFUR:  RAGAA QAACCESSUUFI HIIKUU

Uummanni Oromoo aadaa, duudhaa, amantaa, akkasumas haala jiruufi jireenya isaa, safuu, jaalalaafi jibba, hawwii qabu, argachuufi dhabuu, gaddaafi gammachuu, jajuufi tuffachuu isaa akkaataa adda addaatiin ibsata.Kanneen keessaas faaruun weellisaa duudhaa isa tokkodha. Faaruunkun aadaa hawaasa Oromoo ibsuu keessatti iddoo guddaa qaba.Kunis akkuma dame afoolaa biroo haala jiruufi jireenya hawaasaa ibsuufi dhalootaa dhalootatti dabarsuu irratti gahee ofii isaa gumaachu qabaachuu isaati.Kana irraa ka’uun, boqonnaa kana jalatti gaaffileen afgaaffiifi marii gareetiin argaman irratti hundaa’uudhaan faaruun weellisaa duudhaa maal akka ta’eefi hiikni walaloowwan faaruu keessatti argaman xiinxalamaniiru.

## 4.1. Dhimmoota Irra Deddeebiin Faaruu Weellisaa Duudhaa Keessatti Ka’an

Odeefkennitoonni gaafa5-6/08/2011 akka ibsanitti: F.W.D. keessatti dhimmoota akkamii tu deddeeb’ee ka’a? Gaaffii jedhuuf, yaada isaanii yommuu kennan; “faaruu gootaa, faaruu Waaqaafi dachee faarsu, faaruu waa’ee sooressaafi hiyyeesssaa, namoota du’aniifi jiran kan ibsuufi haala jiruufi jireenya kaleessaa kan faarsu ofkeessaa qaba,” jedhu. Kana irraa ka’uun, faaruun weellisaa duudhaaqabiyyee garaagaraa kan qabu ta’uufi kunis aadaa, duudhaa, safuu, haala jiruufi jireenya hawaasa kanaa kan ibsu akkasumas, haala uumaafi uumamaa kan faarsu ta’uu isaatu mul’ata.

### 4.1.1. FWDDhimmaHawaasichaa Ibsu keessatti

Faaruun weellisaa akkuma gosoota faaruuwwan biroo aadaa, duudhaa, haala jiruufi jireenyaa, gaddaa, gammachuu, jibbaa, jaalalaafi kanneen kana fakkaatan hawaasichi qabu kan ibsuufi dhalootaa dhalootatti kandabarsudha.



Suuraa 2.*Dhimmoota FWD keessatti irra deddeebi'an Weellisaaduraanii Obbo Abarraa Daboo irraa  mana jireenyaa isaaniitti gaafa (5-6 /08/2011) ragaa fudhatamekan agarsiisu*

Weellisaan duraaniikun akka qorataaf ibsanitti: Faaruun weellisaa duudhaaNajjootti faarsamuhawaasaaf faayidaa maalii qaba?gaaffii jedhuuf, faayidaa hedduuakka qabu ibsanii jiru.Faaruun kun aadaa uummata Oromoo aanaa kanaa keessatti waan argamuuf guyyaa gaafa cidha gaa'elaa, daboo mana ijaarsaa, gaafa daboo midhaan haamaa, gaafa daboo qonnaa,yeroo maabarii dhuganiifi guyyaa ayyaanota waggaa beekamoo ta'aniitti asmaarii waammachuun sirba isaatiin qophiin isaanii akka ho'u taasisuun gamatti,akka aadaa hawaasichaatti safuu uumaafi uumamaa, hangafaafi quxisuu kabajuun weellisaan kun faaruu isaatiin haala adda addaan wantoota walqabatan kan sirbuufi dhalootaa dhalootatti aadaa hawaasa kanaa dabarsaa kan tureedha. Kanaaf faaruun weellisaa duudhaa aadaa Oromootiin kan walitti hidhamiinsa qabudha.

Akka fakkeenyaaf yeroo dabooqonnaa, namoonni erga qonnaa isaanii xumuranii manatti deebi'an galgala weellisaan kun achitti argamee qonnaan bultoota kana jajuudhaan, qotan malee buddeenni akka hinjirre, qottuu cimtuun eenyu akka ta'e adda baasuudhaan. Faaruu kanas, akka armaan gadiitti haa ilaallu

**Fakkeenya**.**1**:

Qotiyyoon qottuu wayyaa
Kan qottee ganna baatuu
Qottuun hanciinooftuu wayyaa
Kan hordaa jala baatuu

Arfaasaa si’a duraa qotiyyootu nama dhibaa
Qotanii bukkeessanii sanyiitunama dhibaa
Arfaasaa qotan malee
Birraa maal makaratuu
Qeerrummaan horan malee
Niitii fuudhan maal nyaachifatuu
Madda :( Obbo Abarraa DabooGaafa 6/8/2011 Ganda Gannaasii)

Walaloo kana irraa wanti hubatamu faaruun weellisaa duudhaa aadaa hawaasa kanaa keessatti iddoo guddaa kan qabuufi akkuma gosa sirboota biroo safuufi duudhaa uummatichaa tiksuun karaa dhaamsi barbaachisaa ta’e tokko sadarka nama dhuunfaa irraa kaasee hanga sadarkaa biyyaatti ittiin darbu akkasumas, kan weellisaan waaqaafi lafa, beekaafi wallaalaa, sooressaafi hiyyeessa, gootaafi dabeessa, doqnaafi arjaa, hangafaafi quxisuu eeguun ittiin faarsu ta’uu isaati. Yaaduma kana kan deeggaru, Powns (1968:67) yoo ibsu, “Faaruun weellisaa duudhaa aadaa Uummata Itoophiyaa tursuufi dhalootaa dhalootti dabarsuu irratti gahee guddaa taphataa ture, jiras. Innis sirba isaa keessatti waa’ee isa darbee kaasee sirbuun dhaloota itti aanuuf qusatee dabarsaa ture,” jedha. Weellisaa duudhaaduraanii Obbo Abarraa Daboo gaafa 5-6/08/2011) akka qorataaf ibsanitti; Weelluun duudhaa faayidaa inni gama dinagdeen, siyaasaan, hawaasummaafi daangaa biyyaa eegsisuu keeessatti qabu akkamiin ibsitu? kan jedhuuf:Weellisaan duudhaa akka waliigalaatti hawaasa keenya biratti iddoo guddaa kan qabuufi walitti dhufeenya hawaasaa keessatti taateewwaan raawwatan ibsuu irratti gahee olaanaa kan qabudha. Kanaaf weellisaan sirba yookaan weedduu isaa keessatti dinagdee ilaalchisee, daangaa biyyaa eegsisuun walqabatee goota kakaasuufi dabeessatti Onnee horuuf, akkasumas hawaasummaa namoota gidduutti mul’atu ibsuuf waan jedhee faarsu niqaba.

### 4.1.2. FWDDaangaa Biyyaa Eegsisuu Keessatti

Odeefkennaan weellisaa duudhaa duraanii Abarraa Daboo (5-6/08/2011) akka naaf ibsanitti; Weellisaan weedduu isaatiin goota faarsee kakaasuufi dabeessatti onnee horuun daangaa biyya isaaniif lolanii akka kabachiisan gochuu keessatti bakka olaanaa qaba.Kanas waan jedhee faarsu niqaba.

**Fakkeenya2**. Beenu kaa Amboon baanaa
Amboo karaa Gudarii
Tokkittiisheetu kudhanii
Beenuu Gidaamii buunaa
Karaa qeellamiin baana
Gidaamii Jootee Tulluu
Biyya Mardaasaa Jootee
Gootni goota caalaaree
Oliiqaa Dingil malee
Yaa Oliiqaa Dingil
As kenniin qawwee shiftaa
Gabayyoo galaafate
Duuti Gabayyoo Waldee
Oliiqaa shiftaa baase
Yaa Oliiqaa Dingil
Macafoo isaa butatee
Diinaaf garaa kutatee
Qeexoo gubbaa naannessee
Walal keessa naannessee
Baandaa ishee qabee galee
Xaaliyaanii yaaddessee. Madda: Abarraa Daboo (5-6/08/2011)

Jechuun goota faarsanii, dabeessatti onnee horuun akka daangaa biyya isaanii eegan taasisaa turan.Walaloo faaruu weellisaa duudhaa kana irraa akka hubatamu, yommuu qaacceffamuufi hiikamu, Oromoon naannaa kanaas ta'e, kan Oromiyaa keessaa, keessaayyuu immoo kan Oromiyaa lixaatti argamu, midhaan bisingaa jedhamuu qotuun beekama. Kunis, bisingaan gosa midhaan dheedhii naannaa kanattifudhatama qaban keessaa isa tokkoofi beekamaa ta'edha. Haaluma kanaan, walaloo kana keessatti bo'oon walaloo waa'ee bisingaa ibsu bo'oo walaloo gootummaa ibsu agarsiisuuf kan haala mijeessu yoo fakkaatellee midhaan kun yommuu daraaru haramaas ta'e, gosti midhaanii biroon kana jechuun kan akka buqqee midhaan kana jalatti kan guddatan yoo ta'ellee nyaata saamuun miidhuu waan danda'aniif, jalaa haramuun barbaachisaa

akka ta’edha.Gama biraatiin wanti hubatamu, Oromoon naannaa kanaa kaleessa aadaa hojii akkamii akka qabaachaa tureefi haala akkamii irra akka jiru kan ibsu ta’uu isaati.

Karaa biraan, yaadni bo’oo walaloo keeyyata armaan oliin walqabatee jiru, kan waa’ee goota lola irraa hin seesnee ‘Mul’ee Andirroo’ nama jedhamuuti. Akka walaloo dhiyaate kanaattis wanti hubatamu, Oromoon aanaa kanaatti argamu,akkuma Oromoo godinaalee Oromiyaa kan biroo keessatti argamuu gootota biyya isaaniif quuqama qabaniifi kan diina isaaniif tole jedhanii hin jilbeeffanne kan qaban ta’uu isaatiifi farda sooruun lolanii ittiin diina isaanii waraanaa kan turaniifi sababa jagnuma isaanii irraan kan ka’e meeshaa baraa Xaaliyaaaniin biyya keenya ittiin weerartee turte kan ‘Marfii’ jedhamuun gootichi ‘Mul’ee Andirroo’ jedhamu kun kan du’e ta’uu isaati.

Kana malees, gooti kun qomoo Aanaa Najjootti argamu keessaa qomoo Oromoo Salaalee akka ta’eefi weellisaan duudhaa faaruu isaakana keessatti goota du’e kana faarsuun onnee dhaloota itti aanuu keessatti booree yookiin haamilee horuun biyya isaanii akka jaallataniifi akka quuqamaniif taasisuu keessatti iddoo guddaa qabaachuu isaa kan agarsiisu ta’uu isaati. Kunis kaleessi Oromoo aanaa kanaa maal akka fakkaataa tureefi jiru kan mul’isu ta’uu isaati.

Akkasumas gooti Jootee Abbaa Igguu jedhamu goota beekamaa akka naannaa kanaatti sodaatamuufi goota dhageettiin maqaa isaa diina rom’isiisu ta’uu isaati. Kanaaf faaruun kun kungootummaa nama kanaa haalaan kan ibsu dha.Yaada kana kan cimsu Kebeden (1971:43) yoo ibsu,“Asmaariin gootota dirree waraanaa adeeman duukaa gara dirree waaraanaatti bobba’uun loltoota dirree waraanaa faarsanii jajjabeessaa turan,” jedha.Kunis kan mul’isu, ‘yaada weedduun asmaarii bashannana qofaaf’ jedhuun gamatti, daangaa biyyaa eeguu keessattillee qooda qabaachuu isaaati.

Walumaagalatti Oromoon goota biyya isaaf quuqama qabaachaa ture kan qabuufi dhaloota itti aanuuf damee afoolaa kan ta’e walaloo faaruu weellisaa duudhaa kanaan daddarbaa kan dhufe ta’uu isaa hubachuun nidanda’ama.Afoolli biyyoota Afirkaa hunda keessatti jechuun nidanda’amaa, barreeffama ammayyaaf madda yookaan ka’umsa ta’ee, seenaan Ummata Afirkaa kan irraa waraabamaatureefi jirudha.Yaada kana Finnegan(1970:98) akka ibsitutti, “Dameewwan afoolaa keessaa, walaloon hawaasaafi sirboonni seenaa wajjin walqabatan taateewwan seenaa qabeessaafi du’a moototaa ittiin ibsuuf akkasuma, abboota kuusaa aadaa ta’an faarsanii dhaloota

itti aanutti dabarsuufi seenaa kana irraas, namoonni seenaa qoratan taateewwan siyaasaafi ilaalcha hawaasichi qabu irraa baratu," jetti.

### 4.1.3. Faaruu Weellisaa Duudhaa Hariiroo Hawaasummaa Agarsiisu

Odeefkennaan obbo Tamasgeen Gabbisaa gaafa (5/08/2011) akka ibsanitti; gama hawaasummaatiin maal akka jiru haala adda addaafi bakka adda addaa keessatti ibsuu irratti iddoo olaanaa qabu. Fakkeenyaaf, hawaasummaa jiru tokko walaloo sirba isaan yoo ibsu:

**Fakkeenya 3**. Silaa Anfilloottan galaa, Anfilloo teepha moofaa
Kutatee namaan citaa, kana ilaaleetan jibbee
Silaa Sayyoottan galaa, intalatu gaayyaa xuuxa
Haadhatu ibidda fuudhaa, kana ilaaleetan jibbe
Silaa Najjoottan galaa, irboo gaggalagalchuu
Xiqqoo nama jarjarsuu, kana ilaaleetan jibbe
Silaa Mandiittan galaa, guyyaa suufii uffatuu
Halkan shuumii tuffatu, kana ilaaleetan jibbe,
Madda: Weellisaa duraanii obbo Tamasgeen Gabbisaa gaafa 5/8/2011

Jechuudhaan walitti dhufeenyaafi eenyummaan hawaasaa akkam akka ta'e, Oromoo naannoo kanaa amala akkamii akka qabu ibsa.Oromoon safuu qaba. Fakkeenyaaf, namaaf, dacheef, waaqaaf, malkaaf, bineensotaaf, mukeen bosonaaf, hangafaafi quxisuufi kkf safuu qaba.Yaada walaloo dhiyaate kana irraa wanti hubatamu garuu, faallaa kanaa kan agarsiisudha. Jalqabatti bo'oowwan walaloo kanneeeen dhiyaatan keessaa bo'oowwan lamaan yommuu xiinxalaman, 'Silaa Anfilloottan galaa, Anfilloo teepha moofaa; kutatee namaan citaa, kana ilaaleetan jibbe', jechuun kan dhiyaate, hawaasa kana biratti teephni tajaajila garaagaraatiif itti fayyadaman moofaa ta'uu isaati. Kana malees, teephni meeshaa aadaa Uummanni Oromoo beellada manaa harree jedhamtu yommuu geejjibaaf barbaadu ittiin fe'ee gara gabaafi bakka adda addaa dhaquuf itti fayyadamaa ture kan ibsu ta'uu isaati. Aadaan kun jechuun teephaan harree fe'uun yeroo ammaa baka hunda yoo ta'uu baatellee darbee darbee nijira. Kunis hambaa meshaa aadaa Oromoon kaleessa itti fayyadamaa ture kanmul'i1su jechuudha.

Walaloo kana keessatti bo'oo 7ffaa fi 8ffaa irratt kan argamu"Silaa Mandiittan gala guyyaa suuuufii uffatu, Halkan shuumii tuffatu kana ilaaleetan jibbe"kan jedhu yommuu

xiinxalamu,hawaasni Mandiifi naannoo ishee jiratan shuumii fedha isaanii malee isaan bulchuu barbaadu haala ilaallatanii ofirraa fonqolchuu akka danda'an ibsuu isaati.Kana malees namoonni Mandii keessa jiraatan sansakkaa isaanii eeggatanii akka jiraatan weellisaan kun faaruu isaatiin ibseera.Faallaa kanaan immoo hawaasa tokko keessatti namoota barmaatilee hawaasichi hinjaallanne yommuu calaqqisiisu weellisaan duudhaa faaruu isaatti gargaaramee ni qeeqa.Fakkeenyaaf,walaloo armaan olii bo'oo 3ffaa ",…intalatu gaayyaa xuuxa ….Kan jedhu Wasaneen(2008:171) yoo ibsu, "Afoolli seera yookaan aadaa uummanni qabu keessatti amaloota badaa (gadhee) ta'an balaaleffachuun kanneen gaarii ta'an deeggaruun akka ciman taasisuun aadaan (seerri) uummatichaa akka hinbanne nito'ata"jedha.

Kana malees, bo'oon walaloo itti aanu 'Silaa Najjoottan galaa, irboo gaggalagalchuu xiqqoo nama jarjarsuu kana ilaaleetan jibbee" jechuun dhiyaate irraa wanti xiinxalamu immoo, aanaakanatti irboo qotuun beekamaaadha. Kana irraa kan ka'e, namni irboo qotu baay'ee qotee galfachuuf jarjartiin qotuu qaba. Sababni isaas namni irboo qotu harka tokko qotatee harka lama abbaa qotiyyoof waan qotuuf guyyaa qotatu ariitiin kan qotatu akka ta'e ibsuuf kan sirbame ta'uu isaati. Kanaaf weedduun asmaarii kun gosa afoolaa haala jiruufi jireenya hawaasummaa Uummata Oromoo Aanaa Najjoofi aanolee ollaa isheetti argamanii walcina qabee kan dhiyyeessuu ta'uu isaati. Yaada kanaan kan walqabatu Asafaa (2009: 20) yoo ibsu, "Afoolli oguma kalaqaa, oguma waa uumuu ta'ee, kan muuxannoo jiruufi jireenya keenya haqarratti ittiin bu'uressinuufi akka qabatamaatti miidhagsineefi fooyyessinee ittiin ibsinu. Kana malees, afoolli mala ittiin waan hawaasummaaf bu'aa qabu tokko waliif dabarsinudha," jechuun ibsa.

Haaluma kanaan, bo'oon walaloo inni dhumaa lamman ammoo 'Silaa Mandiittan galaa, guyyaa suufi uffatuu; halkan shuumii tuffatuu kana ilaaleetan jibbee' kan jedhu yoo ta'u, kana irraas wanti hubatamu, namoonni aanaa kana keessa jiraatan uffannaa suufii jedhamu kan uffachuu jaallataniifi halkan ammoo namoota aangoo mootummaa qaban akka tuffachaa akka turankan ibsu ta'uu isaati. Kanaaf sirbi yookaan weedduun asmaarii kun walitti dhufeenya hawaasummaa jiru ibsuun cinatti haala siyaasaa hawaasa tokko keessatti argamuu kan ibsu ta'uu isaati.Yaada kana Addisuu (1999) yoo ibsu,"Afwalaloon yaada, falaasama, aadaafi duudhaa walumaagalatti haala jireenya hawaasa tokkoo ifa gochuu keessatti gahee olaanaa qaba. Uummanni Oromoos mudannoo qabu afoolaa isaa keessatti afwalaloon ibsata," jedha. Yaadni kun akka ibsuttii,

afwalaloon akkuma qoodama afoolaa biroo ergaa ittiin dabarfachuun kan danda'amuufi ka, umsa ifaa kan qabu ta'uu isaati.

### 4.1.4. Faaruu Weellisaa Duudhaa Waaqa Faarsuu Keessatti

Odeefkennitoonni obbo Margaa Goshuufi kaawwan marii garee irratti gaafa 6/08/2011) yoo ibsan; duratti asmaariin mana amantaa Ortodoksii keessatti tajaajila waaqeffannaa kennaa turaniiru.Haaluma kanaan, akka mana amantaa kanaatti guyyoota ayyaana waggaa taabonni bobba'utti, taabota dura adeemuun faarfachaa guyyaa ayyaana kanaa ho'isaa turaniiru.Kanaaf mana amantaa kana keessatti akka yeroo sanaatti bakka guddaa qabaachaa turan. Kanas Kebeden (1971:55) yoo ibsu, "Sirbi asmaarii mana amantaa keessatti kan beekamu, keessaayyuu tajaajila Mana Amantaa Kiristaanaa Ortodoksii keessatti waaqa ittiin faarsuun beekamaadha," jedha.Yaadakana irraa wanti hubatamu, weellisaa duudhaan faaruu isaa kanaannama bashannansiisuun gamatti, mana amantaa Ortodoksii keessatti tajaajila waaqeffannaa gaggeessaa akka turudha. Kun kanagarsiisu, weellistoonni duudhaa tajaajila mana amantaafi kan dhuunfaa isaanii gaggeeffachaa kan turan ta'uu isaati.



**Suuraa 3.** Weellisaa duudhaa Obbo Abarraa Daboo Wayita Faarsan  Kan Agarsiisu

**Fakkeenya 4**.Rabbi nagaan bultee?

Rabbi nagaan oltee?

Rabbi gungumaa koo

Yaa abbaa hundumaa koo

Shunburaa fittaalaa
Yaa rabbi siccaala
Yaa abbaa nafa baasaa
Keettan jalaa baasaa
Robdee bilqilchitaa
Jeejjee dhidhimsitaa
Kan midhaan hin nyaanne
Kan bishaan hin dhugne
Kan moofaa hinuffanne
Kan soba hin dubbanne
Waaqa malee maal?
Ooltanii bultanii
Bultaniitu caalaa
Ooltaniin itti aanaa
Wanta hundumaayyuu
Yaa rabbi siccaalaa

Madda: Obbo Tamasgeen Gabbisaa gaafa 06/08/2011

Akka faaruu waaqaa armaan oliitti, hawaasni Oromoo waaqa tokkotti amanaa turuu isaafi uumaa isaaf kabajafi sodaa akka qabu; waaqni wantoota lafa kanarraa lubbuu qabeeyyiifi lubbuu maleeyyii hunda akka uumeefi akka namaa akka hintaane hubachiisa.Kana malees uummanni Oromoo osoo amantiin gosaafi bifa addaaddaa akka ammaa kana hinbaay'atiin waaqa gurraacha tokkotti akkka akka amanaa tureefi waan jedha waaqatti himatee akka dhageessifachaa ture dha.

### 4.1.5. Faaruu Duudhaa Dinagdee Ilaalchisee Faarsamu

Faaruun kun hawaasni gosa kamiiyyu qabeenya walqixxee akka hinqabne kan agarsiisuudha.Kana jechuunis naannoon tokko qabeenya murtaa'e tokkoon haabeekamu malee namoonni bakka sana jiran walqixxa fayyadamoo akka hintaane kan agarsiisudha.

**Fakeenya 5**, Aggaaroo biyya bunaa
Kan qola dhugutu jira
Mandii biyya aannanii

Kan duwwaa nyaatu jira

Asoosaa biyya qawwee

Kan dullaa baatu jira.Madda obbo Tamasgeen Gabbisaa gaafa 6/8/2011

Afwalaloo weellisaa duudhaa armaan oliirraa wanti hubatamu walaloowwan bo'oo(toora) 1ffaa,3ffaa fi 5ffaa irra jiran walaloowwan toora 2ffaa,4ffaa fi 6ffaa irra warra jiran waliin wanta walfaallesan fakkaatu.As keessatti waliif faallaa haa fakkaatan malee kan weellisaan itti yaadee,ergaa barbaade ittiin dabarsuuf itti fayyadamedha.Haalli akkasii kun sadoommii keessaa **mithee/eyyemitii jedhama.**Kunis,toora 1ffaa irratti "Aggaaroo biyya bunaa—Kan qola dhugutu jira" yommuu jedhu,waan walfaallessu haa fakkaatu malee ergaa gadifagoo dabarsee jira.Aggaaroon biya bunaan beekamuufi madda bunaa ta'ee osoo jiruu namni buna qulqulluu dhugamu dhabee qola bunaa danfisee dhugu akka jiru addeessa.Kunimmoo biyya sana bunni jiraateef qofa namni bunaan badhaadheera jechuun hindanda'amu.

Walaloo toora 3ffaafi 4ffaa nis akkuma kana waliif faallaa fakkaatu.Mandiin biyya aannanii ta'ee osoo jiruu namni wanta tokko hinqabneefi biddeena duwwaanyaatu akka jiru ibsa.Kunimmoo itti fayyadama malleen dubbii keessaa mitihee jedhama. Haala walfakkaatuun Asoosaan biyya qawwee ta'ee osoo jiruu namni qawwee dhabee simala/ulee fayyadamu jiraachuu isaa walaloon bo'oo 5ffaafi 6ffaa irra jiru ni ibsa. Walumaagalatti weellisaan duudhaa faaruu isaatti gargaaramee hawaasa bakka tokko jiraatu giduutti garaagarummaan jireenyaafi qabeenyaa akka jiru kan calaqqisiisuu ta'uusaa addeessa

### 4.2. Faayidaa Faaruu Weellisaa Duudhaa

#### 4.2.1. Faaruu DuudhaaJajannaaf Tajaajilu

Uummata sadarkaa walduraa duubummaa qabu keessatti,namoota oggansa gaarii gaggeessan, warreen iddoo olaanaarra jiraatan, warra kaanirraa adda taasisuuf jajuun nijira.Yaaduma kana cimsuun,Finnegan(1970:11) haala kanaan keessatti, *"It is true that praise, (including self praise) also occur among non centralized peoples, particularly those who lay on the significance of personal achievement in war, or hunting such as the [Oromo] or Tuareg and also the use of 'praise names' is nearly universal*" jetti. Akka Finnegan jettutti, akkuma uummata Oromoo namoota waa tokko hojjetanii milkoomina argatan, lolanii injifatan gidduutti beekamaa akka ta'e

ibsiti. Akkasumas,Finnegaan (1970) akka jettutti, faaruun jajumsaa nama utuu hindu’iin jireenyatti jiruufi erga du’ees waa’eesaa waraabanii kaa’anii ittiin ibsanidha.

Walumaagalatti, faaruun jajumsaa unka afwalaloo Oromoo keessaa tokko ta’ee, yeroo namoonni jigii addaaddaa dalagaa oolanii manatti galanasimaariin achitti argamuudhaan akkataatti daboon sun oolteefi hirmaattota daboo sanneen gidduutti dorgommii uumamaa ture walcinaa qabee jechoota mimmiidhagoodhaan jajee isaan irraas qarshii walitti guurrata.

**Fakkeenyaa 6**

Wayyaan kee lafa hinga’u
    Sassaabbattee uffattaa
Afaan kee nama hinga’u
    Assaabbattee dubbattaa
    Adaamii baalaan muru
    Garraamii waaqaan bulu
    Atillee sanyii Igguu
    Soddaa warra Bacarraa
Dheeraa nama gararraa.
Bara Fiqaaduun fuudhee
    Xajjii ijaajjanii buusu
    Naccii baasanii tuulu
    Achii nyaatanii quufu
Kan nyaatan foon jibichaa
Kan dhugan daadhii eebichaa
    Waancaa jala boorratu
    Waan fedhan soorratu.

(Madda: Obbo Abarraa Daboo 06/09/2011Ganda Gannaasiitti)

Faaruu kanaan oliirraa akka hubatamutti,weellisaan duudhaa kun faaruu iasstti dhimma bahuun namoota qabeenyaa qabaniifi gochaa gaariidhaan addaan bahanii beekamtii qaban jechoota human qabanitti fayyadamee ol ol qabee jajata.Fkn,gaaleewwan “kan dhugan daadhii eebichaa ,waancaa jala boorratu,waan fedhan sooratu” kanneen jedhan namoota faarsaman akka malee haamlee isaanii waan olguddisaniif ,galata faaruu kanaa horiista’e qarshii kennuuf.

### 4.2.2. Faaruu Duudhaa Nama RakkataafFaarsamu

**Fakkeenya 7**

Bofni kottee hinqabu

Garaachumaan loya
Namni biyyaa bahe
Gaafa rakkoo booya
Yaa muka baala hinqabne
Maaltu qoree si mura
Bubbeetu si raasa malee
Yaa nama biyyaa bahee,
Bahee barbaacha hinqabu,
Du’es awwaalcha hinqabu
Sareetu nyaata malee.
Gaafa harkaa qaban maabartanyaan dhibba
Gaafa harkaa dhaban obboleessi ofiituu ijaan nama jibba.

Madda obbo Abarraa Daboo gaafa 06/08/2011

Faaruu weellisaa duudhaa kanaan oliirraa wanti xiinxalamu,faayidaa biyyi ofiifi hawaasni /lammiin ofii qabudha.Akka faaruu kanaatti firriifi lammiin ofii gaachana/dawoo ta’uusaa agarsiisa.Kana malees akkuma Oromoon “alagaa gaafa kolfaa fira lammii gaafa golfaa”jedhee mammaakutti ,namni biyya ambaa keessa jiruufi namni qabeenya hinqabne tuffatamaafi gatamaa ta’uusaa weellisaa duudhaa faaruu isaatti gargaramee dhaamsa isaa hawaasaa isaaf dabarsa.

### 4.2.3. FaaruuDuudhaaTokkummaaMul’isu

**Fakkeenya 8.** Baaqelaan asheetee

Garbuun addaate

Jabaadhuu hojjedhu
Jabaadhu baradhu

Yaa ijoollee Oromoo
Yeroon keenya taate
Yaa ijoollota Wallaggaa
Yaa ijoollee baddaa Horroo
Yaa ijoollee baddaa Shawaa
Yaa ijoollee Arsii Baalee
Marabbaan keessan caalee
Xalaanni kee lafa ilaalee

Madda: Weellisaa duudhaa Abarraa Daboo Gaafa 11/09/2011

Faaruu weellisaa duudhaa kanaa oliirraa wanti xiinxalamu, baroota darbaniif dhiibbaan adda addaa ilmaan Oromoo irra gahaa turuusaafi yeroo ammaa kanammoo dhiibbaan sun salphachuusaafi yeroon keessa jirru kunimmoo gaarii waan ta’eef haamilee cimaadhaan akka onnatanii barnootaafi misooma irratti bobba’an kan agarsiisudha.As keessatti walaloon bo’oo dhumaa irratti argaman lamaan “marabbaan keessan caalee,…Xalaannikee(diinni kee) lafa ilaale” yommuu jedhuilamaanOromoo sirnoota darbaniin miidhamaafi dararamaa ture,tokkummaan isaa jabaatee diina isaa injifatee, warri isa miidhaa turan mo’amanii akka qaana’anii lafa ilaalaa jiran akkasumas yeroon ammaa kan Oromoo ta’uu isaa kan agarsiisudha.

Akkasuma weellisaan duudhaa dhiibbaa gama siyaasaan hawaasaafi afaan isaarra gahaa tures walaloo isaatti gargaaramee dhaamsa isaa dabarsata.Kanas fkn armaan gadii ilaaluun ni danda’ama.

**Fakkeenya 9**

Maaf horomoo jetta
Oromoon meetiidhaa
Nuti qubee barree
Hafte ***fidaliin qeessii***dhaa

Madda: Obbo Abarraa Daboo Gaafa 10/9/2011 Ganda Naasii Gannaasiitti

Faaruu kanarraa akka xiinxalamutti dur Oromoon afaan mataa isaatiin akka hinbaranne mirgi isaa irraa mulqamee qeesiin Habashootaa qubee saabaatiin afaan amaaraafi gi’iizii barsiisee akka Afaan Oromootiin hinbaranne gochaa turuu isaati.Haata’u malee yeroo ammaa kanatti immoo Oromoon qubee qeesii didee qubee Afaan Oromoo akka barachaa jiru kan ibsudha. Faaruu

weelluu duudhaa kanaan gadii kallattii bifiyyeetiin yommuu ilaallu Asmaariinkun sadoommii keessaa iddeessa ykn bakkuusatti gargaaramee akka kanaan gadiitti dhiyeesseera

**Fakkeenya10**

Kootiin shaamizii hinqabne

Qullaadha malee maali

Qawween xiyyiitii hinqabne

Dullaadha malee maali

Namni timirtii hinqabne

Duudaadha malee maali

Dubartiin bariin hinkaane

Buqqee dha malee maali

Firri firaaf hingoone

Sareedha malee maali.

**4.2.4. Faaruu DuudhaaDadammaqina Hawaasaaf Faarsamu**

Faaruun weellisaa duudhaa dadammaqina hawaasaaf faarsamu, hawaasni tokko wantoota jiruufi jireenya isaa waliin walitti hidhamiinsa qaban hunda osoo of hindagatiin si'aayinaan akka hordofu, darbees wanta isa fayyadu mara itti siqee akka ilaaluuf gumaacha guddaa qaba.Haaluma kanaan Fakkeenya armaan gadii haa ilaallu

**Fakkeenya 11.**

Dhagaa waa daaku malee

Dhagaan waa daaku hincabu

Garaa waa hin yaanne malee

Garaan waa yaadu hinrafu.

Inni barii raffisu isa badii farrisu

Inni guyyaa raffisu isa qullaa hambisu

Inni halkan raffisu isa qalbii gabbisu (Madda: TamasgenGabbisaa, 10/9/2011)

Akka faaruu kanarraa hubatamutti weellisaan hawaasni si'aayinaafi dammaqinaan jireenya isaa akka geggeeffatu faaruu isaatiin jajjabeessa.Haaluma kanaan akka weellisaan kun walaloosaa keessatti ibsetti, namni yaaduu akka qabu, yeroo hojiin hojjetamutti dammaqinaan hojiisaarratti akka hirmaachuu qabuufi yeroo namni hojjetutti of gatanii taa'uun miidhaa cimaa akka

qaqqabsiisuu danda’u walaloo isaa keessatti qeeqeera. Fakkeenyaaf,walaloo armaan olii bo’oo 4ffaafi 5ffaa irratti “---garaan waa yaadu hinrafu, inni barii raffisu isa badii farrisu…”yemmuu jedhu isa jalqabaarratti namni sammuun isaa hojii jaallattuufi dandeettii qabu of hingatu ;namni calliseema jiraatu,namni waa’ee jirenya isaa borii hin yaadne garuu, gatii akka hinqabne yommuu ibsu ,Isa lammataa irratti immoo namni kamiyyuu dhibaa’uurra yeroo isaaf kenname keessatti wanta isarraa eegamu hojjechuu akka qabu agarsiisa.Walumaagalatti weellisaan duudhaa hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti dammaqinaan akka jiraatuufi wanta isarraa barbaadamu ,yeroo isaa eegee akka raawwatu walaloo isaatiin itti fuulcha.

### 4.2.5. Faaruu DuudhaaCabsituu ittiin Qeequuf Tajaajilu

**Fakkeenya12**

Kan qallina kee ilaale kaballaan si aggata
Kan ogummaa kee ilaale baraafuu si abdata
Yaa qalloo akka sabbataa
Firri firaaf dubaataa
Gadheetu nama tuffataa
Madda Tamasgeen Gabbisaa gaafa 10/9/2011

Akkaata faaruu kanaatti namni akkuma nama argetti irruma keessa nama ilaalee waa’ee nama tokkoo murtii dabarsuun akka sirrii hintaane hubachiisa. Kana jechuunis namni tokko kan madaalamu bifa,qaama,hojjaa,furdinaafi qallinaan osoo hintaane hojii isaan akka ta’e xiinxaluun ni danda’ama.Haalli kunis hawaasicha keessatti nama cimaa jechuun kan akkamii akka ta’e irra keessa ilaaluun osoo hintaane namni kan madaalamu dalagaa isaatiin ta’uusaa hubachiisa.

### 4.2.6. Faaruu Duudhaa Amala Namootaa Ibsuuf Faarsamu

**Fakkeenya 13**. Namni farada yaabbatu
Alangaa maraa hindhabu
Namni kissii jaallatu
Dosee borsaadhaa hindhabu

Namni dubbii jaallatu
Ollaasaaf nagaa hinqabu
Qulqulluun budaa fuunaan
Zariin lafuma durii
Dabeessa qawwee bitee
Kaartaatti shan naqatee
Onneen lafuma durii
Boosettii shan dhiqattee
Shittoo baarii dibatte
Fooliin lafuma durii

Madda: Abarraa Daboo (weellisaa duudhaa duraanii) gaafa 10/9/2011

Akkaataa xiinxala qorataatti faaruun weellisaa duudhaa kanaan olitti dhiyaate amala namaa kan calaqqisiisudha.As keessattis namni dhaloota isaarraa eegalee dhiibbaa naannoofi maatiin irraan gahurraa kan ka'e, amala dhuunfaa isaa qabaatee akka jiraatu kan agarsiisudha. "Amalliifi tulluun hingodaanu"jedhamee akkuma mammaakamu namni tokko yoo sooromes,yoo hiyyoomes ilaalchi inni qarshiifi qabeenyaaf qabu hinjijjiiramu.Kana malees namni tokko haala jireenyaafi bakka jireenyaa yoo jijjiirratellee eenyummaafi qomoon isaa hinjijjiiramu.Namni dhalootumaan dabeessa ta'e tokko meeshaa lolaa hamma fedhe qabaatullee, goota ta'uu hindanda'u.Gabaabumatti, faaruu armaan olii kana haalliifi yeroon geeddaramullee dhalli namaa uumamni duraan gonfachiise gadlakkisuu akka hindandeenye faaruu kanarraa hubachuun ni danda'ama.

### 4.2.7. FaaruuDuudhaa Oftuulummaa Qeequuf Faarsamu

**Fakkeenya 14**.Yaa nama caammaa qabuu
Qoraattii quba hinqabu
Yaa nama gizee qabuu
Harka namarra hinqabu. Madda:Tamasgeen Gabbisaa 10/09/2011

Akkuma walaloo faaruu armaan oliirraa hubatamuu danda’amutti, jiruufi jireenya keessatti hawaasni irraafi jalummaa akkasumas hangafummaafi quxusummaa ni qabaata.Haata’u malee namni haalli mijateefi barri isaaf tolte nama isaa gadi jiruuf iddoo hinqabu.Karaa biraan immoo namni aangoofi human qabu akka fedha isaatti jiraachuu malee fedha namoota biroo quba hinqabu jechuudha. Gama biraan immoo namni ofii isaaf faayidaafi jireenya mijataa qabu nama sadarkaa jireenya gadaana qabuuf yaaduu akka hindandeenyeefi ofittoo ta’uusaa walaloo kanarraa xiinxaluun ni danda’ama.

### 4.2.8.Faaruu Duudhaa Safuu Hawaasaa Mul’isuuf Faarsamu

**Fakkeenya 15**. Qorqortuu niitiitu jibba
Gumgumtuu dhirsatu jibba
Budaa abbaa ijoolleetu jibba
Tosha abbaa horiitu jibba
Sobduufi goomattuun jibba
Gadhee abbaa dhashetu jibba

Faaruu kanaan oliirraa wanti hubatamu hawaasni tokko jiruufi jireenysa isaa keessatti wanta jaallatu/kabajuufi wanta jibbu /akka badu barbaadu ni qabaata.Kanuma bu’uura taasifachuun walaloo armaan olii keessatti’ qorqortuun’ abbaa manaa yeroo hunda wanta hunda gad qotee qoratee ifa baasuu barbaadu yommuu ta’u,akka aadaa naannoo qorannoo kanaatti immoo dubartoonni nama waan akkasii qoratu hinjaallatan,Haaluma walfakkaatuun ‘gumgutuun’ immoo haadha manaa mana keessa naannoftee bishaan qallate jettudha.Dubartii amala akkasii qabdummoo abbaan manaa hinjaallatu.Akkasumas toshituun immoo nama loon qabu biratti balaaleffatamtuudha.

Egaan faaruu kanarraa wanti xiinxalamu weellisaan walaloo isaatti fayyadamee wantoota hawaasa biratti fudhatama qabaniifi hinqabne adda baasee hawaasicha hubachiisa.

### 4.2.9. Faaruu Duudhaa Cimina Dubartootaa Agarsiisuuf Faarsamu

**Fakkeenya 16**.Qajjisa mataa tolchuu
Dhadhaa bassaatu caala
Qaccee namaa dheeressuu
Dubartii deessuutu caala

Bara namaaf dabarsuu
Dubartii beektuutu caala
Niitii jechuun Siddiseedha
Kan dhiqattee dhirsa soortuu
Isheen kaan wulliseedha
Kan filattee ganda joortuu
Dubartiin walii lamaa
Tokko deessuu ilmaati
Tokko beektuu dhirsaati
Ganamaa gabaa baatee
Qullubbii ishee bitattee
Isa kaan kokollaatee
Isa kaan gogorraatee
Mana keessa urgeessitee
Hiyyeessa waa hinqabne
Sooressa fakkeessitee
Ka'i dhirsa koo jetti
Dugda siif hooquu jetti
Waallee sii mooquu jetti
Eebbifamtuu dubartii
Eebbifami waaqa duratti
(Madda: Obbo Tamasgeen Gabbisaa 10/09/2011)Ganda Gannaasiitti

Faaruun kanaan olii kun gahee dubartoonni hawaasa keessatti qaban kan ibsuufi qoodni isaan hawaasa keessatti qaban qooda leencaa akka ta'e agarsiisa.Dubartoonni jireenya hawaasummaa keessatti gumaacha isaan godhan salphaa akka hintaaneefi sanyiin ilmaan namaa illee akka itti fufee jiraatu dubartootaan akka murtaahu faaruu kanarraa hubachuun ni danda'ama Kana malee akka walaloo armaan oliirraa hubachuun danda'amutti,dubartoonn dandeettii isaan wanta hinjirre irraa waan jiru tokko kalaquuf dandeettii cimaa qabaachuu isaaniitWalaloo olii kana keessati "----hiyyeessa waa hinqabne sooressa fakkeessitee---"yommuu jedhu,dubartoonni haala rakkisaafi ulfaataa keessattillee akka dandeettii cimaa qaban agarssiisuu isaati.

#### 4.2.10. Faruu Duudhaa Gadaantummaa Dubartootaa Agarsiisuuf Faarsaman

Gosti faaruu kanaa dubartoota amalaa badaa qaban qeequurratti kan xiyyeeffatudha.Kana malees dubartoonni kallattii hundaan dhiiraan akka hoogganamaniif,waan dhiirri jedhetti akka bulan kan agarsiisudha.

**Fkn:17,** Jirti abaarameen tokko

Abaarameen dubartii
Ganama obboroon kaatee
Barcuma cookkoo dhaabdi
Dubbii cookkoo dubbatti
Harka dhirsaa darbatti
Jecha dhirsaa dallanti
Gadi baatee lallabdi
Dubbattuu arraba iddaa
Nyaattuu mangaagaa abiddaa
Baate kaa ganda keessaa
Duruu akka malee teessaa
Yaa hamaxanyaa dubartii
Utuu gadi dhiyoo ta'e
Ija waaqaa tumatti .Madda Abarraa Daboo gaafa 6/8/2011

Haaluma kanaan dubartiin hiiroo manaa taatee osoo jirtuu altokko tokkommoo amala kanarraa adda ta'ee yeroo mulistutti immoo asmaariin kanneen akkasii kana saaxiluun akka dogoggora isaanii irraa deebi'an taasisa.Yaada kana cimsuuf weellisaan walaloo isaa keessatti "*abaaramtuun dubartii,dubbii cookkoo dubbatti,barcuma cookkoo dhaabdi,jecha dhirsaa dallanti,gad baatee lallabdi"*fi kkf jedhe amalaa badaa akka sirreeffatu bifa qeeqaan itti hima.Ammas walalooma kana keessatti toorri "Jecha dhirsaa dallantii" jedhu kun dhiirri dubartoota irratti olaantummaa akka inni qabuufi dhirsi waan barbaade yoo dubbatellee dubartiin liqimsuu(fudhachuu)akka qabdu;gadi baatees namatti himachuu akka hinqabne kan ibsudha.Kanarraa wanti xiinxalamu,dhiirri akka fedhetti akka inni haasa'u ,dubartiin immoo itti toles ,itti toluu baates callisuu akka qabdu kan agarsiisudha.

### 4.2.11. Faaruu Weellisaa Duudhaa Xawalwaalleef Faarsamu

Akka aadaaf ilaalcha Oromootti xawalwaalleen nama fakkeessituu, akka gaarerraa waan arge fakkaattu, nama hinqabamnefi fudhatama hinqabnedha.Weellisaa duudhaas gama isaatiin namoota amala xawalwaallummaa qabaniif walaloo faaruusaa gargaaramee itti hima. Fakkeenyi isaas akka armaan gadiitti dhiyaateera

**Fakkeenyaa 18 .**Ilma koo ilma Badhaadhaa Buttaa

Natti gortee ana hintaane
Achi gortee ganda hintaane
Maaf biyyaafi firaan na kuttaa
Qawween Oliiqaa Dingil
Macafoo malee maalii
Ashkarii leeqaa dingil
Ashkarii gurra hootuu
Yaa ishee gurshaa nyaattuu
Ishee dudduubaan kaattu
Wadaajoo malee maalii
Jarmaniitti odeessitee
Oliiqaa duchiisanii
Macafoon kuchiisanii
Facaasaa koosoo dhuguun
Oliiqaa galaafate
Duuti Oliiqaa Dingil
Gidaamii galaafatee
Duuti Mardaasaa Jootee
Mardaasaa Jootee Tulluu

Qeellamiin galaafatee.Madda :Abarraa Daboo Gaafa 5/8/2011

Weellisaan faaruu isaatiin jajjabeessuu,onnachiisuu, cimsuufi haamilee hawaasaa olqabuu qofa osoo hintaane namoota hawaasicha keessatti waan badaa hojjetanii miidhaa adda addaa qaqqabsiisaniifis walaloo qeeqaa qaba.Kunis tokkoffaa irratti,namni xawalwaallee ta'ee asi fakkaachaa achi fakkaachaa jiraatu akka jireenya akkasiirraa of qusatu,lammaffaa immoo gara fuula duratti gochaan walfakkaataan hawaasa sana keessaa akka badu jechoota mimmiidhagaafi human qaban fayyadamee ittiin qeeqa. Fakkeenyaaf walaloo faaruu armaan olii toora 2ffaafi

3ffaa keessatti “Natti gortee ana hintaane, Achi gortee ganda hintaane.” Kanneen jedhan namni faaruun kunfaarsameef ejjennoofi ilaalcha dhaabbataa tokko dhabuusaa itti himaa jira.Kanaafuu, weellisaan duudhaa hawaasa keessatti namoota amalaafi yaada dhaabbataa tokko hinqabneefi gamas gamanas jiran ittiin qeeqee akka isaan gartokkotti luucca’an taasisa.

Faaruuma kana keessatti walaloo bo’oo 7ffaa-10ffaa kanneen jiran “(Ashkarii Leeqaa Dingil, Ashkarii gurra hootuu, Yaa ishee gurshaa nyaattuufi Ishee dudduubaan kaattu)”Kanneen jedhan hawaasa keessatti namoota as fakkaatanii achi fakkaachuudhaan faayidaa dhuunfaa isaaniif jecha dabarsanii hamaafi diinatti nama kennan ittiin qeequu,gorsuufi akeekkachiisuuf gargaaranidha.Egaan weellistoonni duudhaa namoota hawaasa tokko keessatti amala xawalwaallummaa qaban faaruu isaaniitti dhimma ba’uudhaan osoo jarri kun waan hamaa hinqaqqabsiisiiniifi ofii isaaniis rakkoo keessa hingaliin dursanii yaada qeeqaa kennuun beekamu.

### 4.2.12. Faarruu DuudhaaOgummaafi Dandeettii Namootaa Ibsuuf Faarsamu

Ilmaan namootaa dhalootumaan dandeettii waa dalaguu waliin dhalatu.Ta’us dandeettiifi ogummaa waauumuu kana immoo walqixa fudhatanii hindhalatan.Kana jechuunis dandeettiifi ogummaa walcaalu qabatanii gara addunyaa kanaatti dhufu.Haaluma kanaan faaruun armaan gadiis dandeettiifi ogummaa namoonni qaban garaagara ta’uu isaa agarsiisa.

**Fkn 19.**Hodhiteef safii mitii makiinaa kaafta malee akka Taayyee Yaadataa
Dhoofteef Shammanee mitii xibabii dhoofta malee,
Farxii sararta malee akka Addisuu Bakii
Akkachee Kabaa caalaa, Kabaa Irranaatu caala
Mandiidhaa Caalii caalaa, Caalii Yaadataa caalaa
Naajjoodhaa Galatee caalaa, Galatee Jaankoo caalaa
Koljaan reettii hinbaqxuu, hojjaa reetti malee
Gudduun Onnee hinqabduu, Sombaafi Xeerii malee

Madda: Tamasgeen Gabbisaa gaafa 28/07/2011

Faaruu kanaan oliirraa wanti hubatamu, weellisaan duudhaa faaruu isaatti gargaaramee ogummaafi dandeettii namootaatti sadarkaa kennuu danda’uu isaati.Kunis namni tokko hojii

tokko nan beeka jedhee hojjeteef qofa beekaa sirrii akka hintaanee,ogummaafi dandeettii namni tokko qaba jedhee itti boonu caalaa namni biraan akka jiru agarsiisa.

Fakkeenyaaf,walaloo armaan olii toora 1ffaa keessatti “hodhiteef safii miti makiinaa raafta malee akka Taayyee Yaadataa”yommuu jedhu namichi uffata hodhu sun,akkuma nama Taayyee Yaadataa jedhamu sanaa ofumaa makiinaa raasa malee dandeettii uffata hodhuu gahaa akka hinqabne agarsiisa.Kana malees walalookana keessatti namoonni kunneen ogummaadhuma tokko qabaatanii akka raawwii irratti walcaalan agrsiiseera.Haaluma kanaan Weellisaan kun namoota Akkachee keessaa,Kabaa,Mandii keessaa Caalii, Najjookeessaa immooGalateen akka dandeettii uffata hodhuu cimaa qaban adda baasee ibseera.

### 4.3. Bifiyyee Faaruu Weellisaa Duudhaa

#### 4.3.1. Sararoota (Lines)

Sararri walaloo yeroo baay’ee ergaa dabarsuuf sararoota lamaafi lamaa ol yoo ta’e yeedaloo uumee walaloo ta’a.Sararri walaloo tokko bo’oo walaloo yoo ta’u gaaleewwan irraa kan ijaaramanidha.

**Fakkeenya**:**21.** Faaruu weellisaa duudhaa Waaqa jajuu keessatti

Kan garaan fittaalaa

Hundumaa situ caalaa,

Abbaa hundumaa koo,

Roobee gumgumaakoo

Roobdee biqishitaa,

Jeejee dhidhimsitaa….Jedhu.

Madda: Azmaarii Tamasgeen Gabbisaa gaafa6/8/2011

Toora faaruu tokkoffaafi lammaffaa keessatti jechoonni “fittaalaafi caalaa” yoo ilaallu birsaga /laa/ gargaaramuun sararoota lamaan walitti hidhee jira. Akkasumas, toora sadaffaafi arfaffaa keessattis jechoota “hundumaafi gumgumaa”jedhu keessattis birsagni itti dhimma bahame /maa/ yoo ta’u kunis walaloo faaruu kana keessattis haala gaariidhaan dhimma itti bahamee jira.

Faaruun weellisaa duudhaa keessa sararoonni jiran yeroo heduu kanneen mana rukutaniifi mana hinrukkunne ta'uun ni mul'atu. Haata'u malee, kan isaan ittiin faarfaman nootaadhaan waan ta'eef yeroo isaan fudhatan wal qixxee ta'a. Kaayyoon isaa inni guddaanis ergaa,kaayyoofi yeedaloo faaruu sana irra waan ta'eefidha. Kunis barnoota idilee keessattilee fidnee yoo itti dhimma baane karaa salphaa ta'een seerlugallee barsiisuuf nu tajaajila.

Karaa biraattiin jechooni yeroo walitti qindaa'anii gaalee ijaaranii faarfaman yaa'aan sagalee achi keessa jiru mijataa ta'uu qaba.

### 4.3.2. Gaalee (phrase)

Gaaleen jechoota irraa kan ijaaramuufi birsaga murtaa'aa kan qabu ta'ee, hafuura tokkoon kan dubbifamu; walakkaa toora walalooti.

**Fakkeenya22.**

**walaloobaay'ina gaalee Baay'inabirsagaa**

| | | |
|---|---|---|
| Sangaa goodaa sandaaboo ,qandii ilaalanii beekuu, | 2/2 | 7/8 |
| Dhiira garaan waa yaadee,maddii laalanii beekuu, | 2/2 | 6/7 |
| Yooman yaade foon maddii,iddoon yaade iddoo qabdi | 2/2 | 7/8 |

Madda: Tamasgeen Gabbisaa gaafa 08/08/2011 Ganda Gannaasi keessattii

Walaloo armaan olii kanarraa wanti hubannu gaaleen jechoota irraa kan ijaaramu ta'uu isaati.Kanamalees, faaruunama tokkoon barreeffamee qophaa'e keessatti safarri birsagaa gaalee achi keessatti argamanii walqixa miti. Sababiin isaas tokkoffaa sarara tokko darbee sarara lammaffafi sadaffaa irratti yeedaloon waan walfakkeessuuf; kun immoo akkaataa barreessaa irratti hundaa'a.Walaloo kanaan olii keessattis,bo'oon 1ffaa gaalee 2 yommuu qabaatu, baay'inn birsaga gaalee tokkoffaa 7 ta'ee kan gaalee 2ffaa immoo 8 dha.Gamabiraan immoo bo'oo 2ffaa keessattis,gaaleen 2 kan argamu ta'ee,gaalee 1ffaa keessa birsaga 6,gaalee 2ffaa keessammoo birsaga 7 tu jira.

### 4.3.3.Safara Birsagaa

**Fakkeenya 23.**

**Baay'ina birsagaa**

| | |
|---|---|
| Kan saawwa hortee hinbeekne | 8 |
| Gaaf-cabee saawwa jetti | 7 |
| Kan sirba dhaqxee hinbeekne | 8 |
| Waanbadee namaan jetti | 7 |
| Kan laga ceetee hinbeekne | 8 |
| Kan manaa baateen beekne | 7 |
| Adeemtuu namaan jetti. | 7 |
| Namni waa laatteem beekne | 7 |
| Kajeeltuu namaan jetti | 7 |
| Kan sanyii namaam beekne | 7 |
| Wanti amma namaam beekne | 8 |
| Waan baayyee namaan jetti. | 7 |

Madda: AbarraaDaboo (Asmaarii duraanii)

Walaloo faaruu armaan oliirra wanti hubatamu toorri walaloo1-5 tti jiran 7/8 yommuu deeman bo'oon walaloo 6-10 tti argaman immoo birsaga 7/7 xumuramaniiru.Kanaafuu, walaloo weellisaa duudhaa olii kanakeessattis fayyadamni afaanii akkasii gaalee faaruu kanneen keessattis ni mul'ata. Darbee darbee wal simannaafi baay'inni birsagoota gaalee keessa jiranii walsimannaa dhabuun ni mul'ata. Kun ta'uun isaas walaloo ammayyaa keessatti mirgi waloo(poetic licence) akka eegamuuf karaa kan saaqe ta'uu isaa agarsiisa.

**4.3.4.Itti Fayyadama Malleen Dubbii Faaruu Weellisaa Duudhaa**

Malleen dubbiitti gargaaramnee wantoota addunyaa dhugaa keessatti mul’atan arga yaadaatiin ilaaluu,dhaggeeffachuu,qaqqabachuu, xiinxaluu qalbii keenyatti ammoo dhiyaatanii akka mul’atan taasisuudha.

**A. Akkasaa**

Addunyaan,(2014:208)“Akkasaan ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta’e tokkoon walbira qabuun dhiyeessuudhaan akka salphaatti hubatamu kan taasisudha,” jedha. Addunyaan (2014:210) “Iddeessi fayyadama afaanii karaa dhokataa ta’een wantoota waldorgomsiisa,” jedha. Kanas kallattiidhaan waan ittiin dorgomsiisu sanaa wajjiin bakka buusa.

**Fakkeenya24**,

Kan qallina kee ilaale kaballaan si aggata

Kan ogummaa kee ilaale baraafuu si abdata

Yaa qalloo akka sabbataa

Firri firaaf dubataa

Gadheetu nama tuffataa.

Faaruu olii kana keessatti kan ilaallu akkasaadhaan gargaaramuun wanoota lama walbira qabuun addeessuu yoo ta’u,“akka sabbataa” gaaleen jedhu 1ffaaqallinni namichaa sammuutti nuu hubatameera,2ffaan immoo jabina namichi qabuu, jabina sabbataa waliin madaallee hubanna. Kuni jabaattuu, kan salphaattii hincinnee akka jechuuti.

**B. Atee /Jedhiyaadii**

Ateen waan nu bira hinjirre tokko akka waan nu bira jiruutti dhiheessuun kan itti gargaaramnuudha.

**Fakkeenya 25**:

Si’beeka yaa Rabbii

Rabbi yaa gumgumaa
Yaa dhirsa hundumaa
Roobdee biqilchitaa
Jeejee dhidhimsitaa!

(Maddi: Abarraa Daboo 6/08/2011 Ganda Gannaasii) Walaloo olii keessatti yemmuu dhalli namaa uumaan akka waan isa bira jiruufi dubbiisaa dhaggeeffachuudanda'uutti waa'ee Waaqaa yemmuuWaaqatti himu hubachuun kan danda'amuudha. Kana jechuun namni Waaqa ijaan argee beeku jiraachuu baatullee Rabbi jiraachuusaa wantootni lafarra jiran kun ragaadha. Haata'u malee , namichi kun dubbiin isaa kun rabbi akka isa dhagahuuf kan dubbateedha. Kanaafuu, ateetti dhimma bahuudhaan waan namatti dhihoo hintaane tokkootti dubbachuufi haasa'uun akka danda'amu kan agarsiisudha.

**C. Fakkoommii**

Fakkoommiin mallattoonis haata'u jechaan wanti ibsamuu barbaadamme tokko sirriitti akka hubatamuuf humnaan sammuu keessatti fakkii uumu niqaba.Fakkiin uumamu kunis wanta bakka bu'uufi wanta itti fakkeeffame taa'u ni qaba.Haaluma kanaan mee fakkeenya armaan gadii keessatti fakkoommii jechoonni qaban haa ilaallu.

**Fakkeenya 26**.Mee chee jedhi, chee jedhii
**Faradoon**chee jaallatti
Qoonqoon daadhii jaallatti
Gootni asmaarii jaallatti
Dhiirri **buna** hindhaabbanne
Barumaan hiyyeessumaa
Dubartiin qalbii hinqabne
Niitiin dhirsa hinjaallanne
Barumaa qilleensumaa
(Madda: ObboTamasgeen Gabbisaa, Gaafa 10/09/2011)

Faaruu weellisaa duudhaa kanaan olii keessatti jechoonni gurraacheffamanii barreeffaman hawaasa naannoo qorannichaa jiraatanis ta'e hawaasa Oromoo iddoo biraa jiran biratti wanta itti fakkeeffaman (fakkoommii) mataa mataa isaanii ni qabu.

Haaluma kanaan***, Fardi***=loltuu cimaa (adda waraanaa garaagaraa irratti kan hirmaate) yeroo miidhaginaa kan ittiin beekaman,abbaan fardaa nama keessaa beekamaa ta'uu isaa akkasumas, Fardi mallattoo injifannoo ta'uu isaa akka fakkoommiitti xiinxaluun ni danda'ama.Gama biraan immoo walaloo faaruu armaan olii keessatti jechi '**buna'**jedhu wanta itti fakkeeffamu niqabaata.Kunis bunni:

-qabeenya

-bakka nagaa,

-bakka araara

-Iddoo haaragalfii

-Bakka, boqonnaa

-madda galiifi naannoo qorannoo kanaatti –

-dhimma jiruufi jireenyaa waliin kan walqabatee jiruufi

kkf itti fakkeeffama.Egaan weellisaa duudhaanis walaloo isaa keessatti jechoota miira hawaasaafi dinagdee waliin hidhata cimaa qaban adda baasee itti fayyadamuun ergaa dabarsata jechuudha.Haaluma walfakkaatuun walaloo weellisaa duudhaa armaan gaditti dhiyaate kanas itti fayyadama malleen dubbii keessaa ammas ija fakkoommiidhaan yommuu ilaalamu;

**Fakkeenyaa 27** : Beenu kaa Amboon baanaa

Amboo karaa Gudarii

Tokkittiisheetu kudhanii

Amboo gara galgalaa

Lafatu gaggalagala

Beenuu Gidaamii buunaa

Karaa qeellamiin baana

Gidaamii Jootee Tulluu

Biyya Mardaasaa Jootee

Gootni goota caalaaree

Oliiqaa Dingil malee

Madda: Abarraa Daboo Gaafa 6/08/2011Ganda Gannaasiitti

Faaruu armaan olii bo'oo 1ffaafi 2ffaa keessatti "**Amboo**baanaa, **Amboo** karaa gudarii" kan jedhutu jira.Haaluma kanaan yeroo ammaa kana keessatti Amboon magaalota Oromiyaa keessaa magaalaa ija addaan ilaalamtudha.Addumaafi fakkoommiin magaalaa kanaas,

Amboo;-Maddaa fincila diddaa gabrummaa

-Biyyaa gootonni keessatti heddummaatan

-Adda duree qabsoo uummata Oromoo

-Lafa jiidhaafi magariisa

-Bishaan qulqulluun keessaa burqee hindhumnefi kanneen kana fakkaatan bakka bu'uun sammuu namaa keessatti suuraa uumuudhaan

Kanamalees faaruuma kana keessa bo'oo 8ffaafi 11ffaa irratti "Jootee Tulluufi Oliiqaa Dingil" kanjedhutu argama.Egaan namoonni ***Jootee Tulluufi Oliiqaa Dingi***l jedhaman kunnneen sammuu Uummata Oromoo keessatti iddoo olaana qabu. Haaluma kanaan fakkoommiin isaanis:

-Gootummaa, jabinaafikan diinaaf hinjilbeeffanne

-Warra koloneeffattoota Xaaliyaanii jilbeenfachiise

-Barsiistota bilisummaa sammuufi qaamaa

-Kan lammiif dabarsee ofkennu itti fakkeefamanii dhiyaachuun nama faaruu weellisaa kana dhaggeeffatu sana yaad-qalbii hatanii dabumaafi garbummaa irraa fageessuudhaan akkanni onnatee soda diinaa tokko malee akka jiraatu taasisu jechuudha.

**4.4. Sadarkaa Faaruun Weellisaa Duudhaa Yeroo Ammaa Irratti Argamu.**

Maanguddoon gaafa 06/09/2011 marii garee irratti afgaaffii, "Faaruun weellisaa duudhaakunyeroo ammaa kana sadarkaa maalii irratti argama" gaaffii jedhuuf yaada isaanii yoo qorataaf ibsan; sadarkaa dagatamaa adeemuu irra jira.Kanaafis, sababa kan ta'e dhiibbaa

siyaasaa kaleessa tureefi babal'achuu amantii garaagaraati jechuudhaan wanta beekaniifi wanta ta'aa ture himaniiru.

Bu'uuruma kanaan qorataanis wanta ofii isaa hubatefi wanta maanguddoonni himaniif walbira qabee yommuu ilaalu faaruun weellisaa duudhaa naannoo sana keessaa badaa akka dhufee, sadarkaa irraanfatamuufi qaaneffatamuurra ga'uusaa hubateera. Haaluma kanaan sababoota irraanfatamaa adeemuu faaruu weellisaa duudhaa aanaa Najjoo kan ta'an odeefkennitoota irraa qabxiileen kanaan gadii odeeffatamaniiru.

### 4.4.1. Dhiibbaa Siyaasaa

Maanguddoonni Obbo Olaanaa Hundeefi Kaawwan gaafa6/9/2011 afgaaffii gaafatamaniif akka ibsaanitti, dhiibbaan siyaasaa sirna dargii dura ture biyyattii keessatti sabni Oromoo afaan isaa, aadaa isaafi afoolli isaa duukaa akka hinguddanneef dhiibbaa hamaafi hacuuccaa akka malee geessisaa ture. Sabni tokko ammoo gama siyaasaan deeggarsa kan qabu yoo ta'e, afaan isaafi afoolli isaa walfaana guddachuu danda'a. Kanaaf, weelluun duudhaakan damee afoola Oromoo ta'e kun hiree kana argachuu waan hindandeenyeef guddachuu caalaa akka dagatamaa dhufu ta'eera.

Yaada kana irraa wanti hubatamu, dhiibbaan siyaasaa biyya tokko keesatti argamu guddina aadaafi seenaa uummata tokkootiif gahee guddaa qabaachuu isaati. Uummanni Oromoos, hacuuccaan aadaafi seenaa kan afoola isaa dabalatee akka irratti gaggeeffamaa ture kan agarsiisu ta'uu yaada dhiyaate irraa hubachuun nidanda'ama. Kanaaf, faaruun duudhaa akkuma sirboota Aadaa Oromoo kan biroo gama siyaasaa mirgaan guddachuu waan hinargatiiniif sadarkaa dagatamuu irra akka gahu ta'uu isaatu hubatama.

### 4.4.2 Dhiibbaa Amantii

Maanguddoonni Obbo Sabbooqaa Galataafi Kaawwan Gaafa 6/9/2011, marii garee irratti qorataaf akka ibsanitti, akka aanaa kanaatti babal'achuun amantiis, guddina aartii Oromoo aanichaa akka hinsaffisneefi akka dagatamu taasisuu keessatti dhiibbaa guddaa godhaa ture.Kunis akka mana amantaatti sirbuun cubbuudha waan jedhamuuf faaruu weellisaa duudhaa dabalatee sirboonni biroon akka aanichaatti akka badaniifi dagataman ta'eera.Kana jechuun ammoo aadaafi amantiin garaagara ta'uu isaani hubannoo dhabuun dagatamuu faaruu weellisaa

duudhaaf sababa jechuudha.Egaan haala qabatamaa yeroo amma aanaa Najjoo keessa jirutti, faaruun weellisaa duudhaa cubbuufi waaqa biratti jibbamaa akka ta’eetti ilaalama.Kunis hawaasni naannoo kanatti argamu irra guddeessi amantii ***pirootestaantii*** waan leellisuuf faaruu weellisa duudhaa qofa osoo hintaane sirbaafi faaruuwwan aadaa kamillee akka cubbuutti ilaala.Bu’uuruma kanaan namoonni dur naannoo kanatti faaruu kana faarsaa turanillee dhiibbaa hawaasummaa irraan kan ka’e amantii isaanii gara pirootestaantiitti jijjiirrachuudhaan meeshaa muuziqaa asmaarii “masaanqoo” illee akka gubanii gatan godhameera.

Yaada kana irraa akkuma hubatamu, amantiin babal’achchuun sirba aadaa Oromoo kanneen naannoo sanattii beekamtii olaanaa qabaachaa turan fkn (sirba masqalaa, sirba daboo, faaruu loonii, faaruu daa’immanii, sirba gaa’elaa, sirba ajjeessaafi kkf) faaruuwwan amantii fgaragaraan bakka buufamanii jiru.Sabni tokko aadaafi duudhaa isaa biratti ibsituu aadaa warreen ta’an kunuunsuun beekumsaafi qabeenya aadaa isaa kana haala gaariin qabatee gara fuuladuraattidhalootaisattiaanee jiruufafaaniifi barreeffamaan dabarsuunbarbaachisaadha.Haata’u malee, akka aanichaatti faaruun weellisaa duudhaa mul’iftuu aadaa ta’e, gara dagatamuutti dhufaa jiraachuu isaatu hubatama.

## BOQONNAA SHAN:  GOOLABA, ARGANNOOFI YABOO

### 5.1. Goolaba

Qorannoon kun xiinxala bifiyyeefi qabiyyeefaaruu weellisaa duudhaa(abbaa xiinboo) Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Najjoo ta’ee,faaruu aadaa keessaa gahee inni uummata Oromoof qabaachaa ture ,dhimmoota faaruu kana keessatti irradeddeebi’anii ka’an,sadarkaa inni amma irratti argamu ibsuufi bifiyyeeen faaruu weellisaa duudhaa maal akka fakkaatu agarsiisuu  irratti

kan xiyyeeffatedha.Adeemsa qorannoo kanaa keessatti odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu argachuuf mala mit-carraa keessaa mala akkayyoofi darbaa dabarsaatti fayyadamuun iddattoon qorannichaaferga filatamee, adeemsadaawwannaa, marii gareefi afgaaffiin ragaan funaanamee mala ibsuutiin qaacceffamee dhiyaateera.

Faaruu Uummanni Oromoo qabu keessaa faaruun weellisaa duudhaa isa tokkodha.Faaruun kun akka aanichaatti beekamaafi jaallatamaa ture. Innis, calluma jedhamee kan faarsamu osoo hintaane ergaa barbaachisu tokko uummatichaaf dabarsuu irratti kan xiyyeeffatee faarsamu ture. Fakkeenyaaf, Faaruun kun bashannansiisaa namoota bohaarsuu caalaatti goota faarsuun dabeessi akka onnee godhatu yookaan gootomu taasisaa turan.Kana malees, aadaa hawaasa kanaa tursuun dhaloota itti aanuuf akka darbu taasisuu keessatti qooda salphaa qabaachaa hinturre.Gama biraan, faaruun weellisaa duudhaa mootonni biyya bulchaa turan akka madda odeeffannootti itti gargaaramaa turaniiru.

Haata’u malee, faaruun kun akkuma gosa faaruu Oromoo kanneen biroo afaaniifi aadaa uummatichaan walfaana, dhiibbaan gama siyaasaafi amantiin ture akka inni hinguddanneefi hacuucamu gochuu keessatti dhiibbaa isaan taasisaa turan salphaa hinturre.

Itti aansuudhaan gaaffilee bu’uuraa dhimmoonni ykn qabiyyeewwan faaruu weellisaa duudhaa keessatti irra deddeebi’an maali? Kanjedhuuf ragaan odeefkeennitoonni kennan irratti hundaa’uudhaan faaruun kun kan mul’isu: diinagdee, hawaasummaa, seenaa,daangaa biyyaafi yeroorratti akka ta’e fakkeenya waliin wal duraa duubaan qaacceffamanii jiru.Akkasumas, gaaffii biraan faayidaaleen faaruu weellisaa duudhaa maal maal fa’i? jedhuuf, ragaa odeefkennitoota irraaargame irratti hundahuun:jajuuf,jajjabeessuuf,safuu eegsisuuf,tokkummaaf,kakaasuuf,qeequu,cimsuuf,barsiisuuf,bashannansiisuufi gootomsuuf akka ta’e qaacceffamee jira.

Walumaagalatti, maalummaa, qabiyyee, bifiyyee, faayidaafi sadarkaa amma faaruu weellisaa duudhaa irrattiargamu ilaalchiseeragaan odeefkennitoota irraa argame ibsi itti kennameera.Faaruun kunhawaasa Oromoo keessatti ittiin qeequuf, jajuuf, jajjabeessuuf, seexessuuf kan oolu, akkasumas, dinagdee, hawaasummaa yeroo, seenaa hawaasa Oromoo mul’isaa akka turee akkasumas bifiyyeen faaruu kanaa maal akka fakkaatuufi maal akka ta’e boqonnaa afur keessatti qaacceffamee,ibsi itti kennameera .

## 5.2. Argannoo

Qorannoo kana jalatti ragaan odeefkennitootaafi daawwannaadhaan argame boqonnaa afur jalatti xiinxalamee hiikni itti kennameera. Gaaffiiwwan buuuraa boqonnaa tokko jalatti ka'an irratti hundaa'uun deebii argame irraa argannoowwan qorannichaa akka armaan gadiitti dhiyaataniiru

- Dhimmoonni Faaruu weellisaaduudhaa keessatti irra deddeebi'anii ka'an faaruu dinagdee agrsiisan,faaruu hariiroo hawaasummaa mul'isan,faaruu duudhaa hawaasichaa ibsan, faruu daangaa biyyaa eegsisan,faaruu dadammaqina hawaasaa mul'isan ta'uun isaanii qorannoo kanaan bira gahameera.
- Faaruun weellisaa kun gama faayidaatiin yommuu ilaalamu:

➢ Jajuuf, namoota hojii bayeessaafi hojii fakkeenyummaa gaarii qabu hojjetan, namoota qabeenya qaban kanneen akka: looniifi midhaanii irraa hiyyeessaaf kennan akkasumas, warra walii isaanii gama hundan gargaaran ittiin olol qabuuf gargaara.

➢ Qeequuf/komachuuf: kunis, namoota amalaan badaa/gadhee ta'aniifi amala xawalwaallummaa qaban ittiin akkeekachisuuf.

➢ Gootomsuuf, kan dabeessa ta'e akka jagna ta'uufi hojii waliinii akka hirmaatuuf kan nama jajjabeessudha.

➢ Faaruun weellisaa duudhaa meeshaa muuziqaa(masaanqoo)dhaan deeggarameeakka gaggeeffamuufi akkuma faaruulee kanneen biroo yeedalloo bareedaa kan qabu ta'uunsaahubatameera

➢ Aanicha keessatti faaruun weellisa duudhaa dagatamuurraa kan ka'e namootumti dur faaruu kana faarasaanillee faaruu amantii adda addaan bakka isaa busanii itti fayyadamaa jiraachuun isaanii adda baheera.

➢ Bifiyyee Faaruun Weellisaa Duudhaa qabus,gama adda addaan ilaalameera. Isaanis walaloo faaruu weellisaa duudhaa irratti xiyyeeffachuun bo'oo, gaalee,birsaga,fakkoommii,itti fayyadama malleen dubbiin maal akka fakkaatu ibsameera.

➢ Yeroo ammaa kanatti aanaa Najjoo keessatti sadarkaa faaruun weelluu duudhaa irratti argamuti ibsame.Kunis haala qabatamaa yeroo amma jiruufi ragaa odeefkennitootarraa argameen sababa babal'achuu amantii garaagaraa irraa kan ka'e weellistoonni duudhaa amantii isaanii jijjiirratanii weelluu kana dhiisuu isaaniiti.Kunimmoo akka faaruun

kundagatamuufi dhaloonni amma jiru hinbarreetaasisuun isaa qaaccessa qorannoo kanaa irraa kan argamedha.

**5.3. Yaboo**

Yaboon qorannichaa gaaffilee bu'uuraa irratti hundaa'uun akka armaan gadiitti ibsamanii jiru.Faaruun weellisaa duudhaa jireenya hawaasaa keessatti argaman qabiyyee akkamii akka qabu, bifiyyee akkamii akka qabu, faayidaalee maalii akka qabu xiinxalameera.Haata'u male faaruunweellisaa kun akka aanaa Najjoottisadarkaa baduurra waan gahaa jiruuf yaadni furmaataa kanaan gadii yoo xiyyeeffannoo keessa galee irratti hojjetame gaarii ta'a.

- Dhimmoonni Faaruun weellisaa duudhaa keessatti irra deddeebi'anii ka'an barsiisotaafi ogeessota afaanicha irratti hojjetamaniin osoo qoratamanii ol kaayaman gaarii ta'a.
- Waajjirri Aadaafi Tuurizimii aanichaa faayidaa faaruun kun hawaasaaf qabu osoo gadi fageenyaan qoratee, hawaasni aadaa isaa kana teellaattideebi'ee akka yaadatuuf osoo hubachiise mishaadha.
- Bifiyyee FWD qabu osoo mana barumsaa keessatti karaa gumii Afaan Oromoo osoo barsiisame bayeessa
- Maanguddooliin waa'ee FWD hubannoo gahaa qaban akka aanicha keessa jiran qorannoo kanaan hubataamuu danda'ameera. Kanarraa ka'uun itita aadaa maanguddoolii kana keessatti argamu, Waajjirri Aadaafi Turizimii aanichaa osoo suur-sagalee isaanii waraabuun gara barreeffamaatti jijjiiruun olkaa'ee faaruu sadarka baduurra gahe kana lubbuu itti deebisuu danda'a.

# Wabiilee


Abarraafi kanneen biroo. (1999). *Afoola Oromoo Tuulamaa: Walaloo, geerarsa, faaruleefi sirboota adda addaa* Jildii II, Qajeelcha Qormaata Afaan Oromoo, Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa: Finfinnee: Mana Maxxansaa Commercial.

Addunyaa Barkeessaa.(2011). *Akkamtaa.*Yaad rime Qorannoo Hujoo: Finfinnee.

Addisu Tolosa.(1999). *Geerarsa Folksong as the Oromo National Literature: A Study ofEthnography, Folklore and Folk-life in the Context of the Ethiopian Colonization ofOromia*. Lewiston, New York: The Edwin Mellen Press.

Anderjewski, B.W. (1985)**.** *Literature in Cushitic Language Other than Somali:*Cambridge University Press.

Asafaa Tafarraa.(2009). *Seenaa Oguma Oromoo; Eela.Finfinnee.* Printed byFar East Trading plc

Bascom,W.R.(1965). Four Functions of Folklore, in Dundes, A. (1965).The Studyof Folklore.Burkelay: Printice-Hall, Inc.

Ben Amos, D. (1982). *Folklore in Context*; New Delhi: South Assian Publishers Pvt. Ltd.

Best, J.W. (1981).*Research in Education*. Englewood Cliffs, New Jersey. PrenticeHall Inc:

Brash Vagi, N. (1996). Which Way Big Man? Comp. Adeola James.*PNG Women Writers.*Melbuorn, Addison Wesley, Australia. Pages.23, 59.

Bronner, S. J. (2007).*The Meaning of Folklore: The Analytical Essays of Alan Dundes.*Logan. Utah: Utah State University Press.

Dastaa Dassaaleny.(2002).*Bu'uura Qorannoo; Finfinnee;* Mana Maxxansaa Boolee.

Dorsan, R. (Ed). (1972). *Folklore and Folklore Life;Chicago*

Dowling and Harwood,D.L.*(1976).Universals* in music:Aperspective fromcognitive psychology. *Ethnomusicology*, 20, 521-534.

Dundes Allen.(1965). *The study of Folklore*. Berkle: pentce hall.

Ency lopedia American,(1983). *Vol. 2 USA*: University Chicago.

Fekade Azeze.(1991).*Introduction to OralLiterature*.InstituteofInternationalCooperationof German Adult Education Association.

Filee Jaallataa.(2016). *Beekumtaa Oromoo I;* Finfinnee, Oromiyaa: Mana Maxxansaa Raajii

Finnegan, R. (1970). *Oral poetry: its nature and significance and context.* Cambridg:Cambridg university press.

__________(1992). *Oral Traditions and the Verbal Arts*: Aguide to Research Practices.London and New York: Routledge Company.

Gemechu Bekele.(2003). *A study of Major Themes in Game Selected Songsof Ilfinesh Keno.*Unpublished MA Thesis, Addis Abeba University.

Geetachoo Rabbirraa.(2008). *Furtuu Seerluga Afaan Oromoo.*Finfinnee

Hinseenee Makuriyaa.(2010). *Gaachana Kormaa*; Addis Ababaa: Far East Trading PLC.

Irreessoo Nagii.(2006).*EERTUU .Caasseffama AfaanOromoo kutaa 9fi10*Dhaabbata Maxxansiisaa Kuraaz Internaashinaalii Finfinnee.

Jeylan W. Hussien.(2015). *The Function of African Oral Arts; The Arsi-Oromo OralArts in Focus;* Unpublished: Alemaya University.

Kebede,A.(1971).*The Music of Ethiopia:Its Development and CulturalSetting.* University Microfilms International

Melakneh Mengistu. (2008). *Fundamentals of Literature*.Addis Ababa:Commercial Printing Enterprise

Nagarii Leencoo (1995). *Wiirtuu Jildii 7ffaa. Baruulee qormaata waalta'insa Afaan Oromoo.*Finfinnee.

Okpewho,I.(1992). *African Oral Literature;* Background, Character and Continuity,Bloomington and Indiana Polis: Indiana University Press.

Powns, M. (1968).*Ethiopian Music;* Oxford University Press, Oxford.

Roswel Z. Mabatho.(2005). *An investigation of the potential role that folklore can playEnvironmental eduction south Africa*: western cope University.

Sims, M. C and Stephens, M. (2005).*Living Folklore; An Introduction to The Studyof People and Their Traditions.*

Tafarii Nugusee (2006*). Development of Oromoo literature up to 1991 M.A*. These;Addis Ababaa University

Tigist Girma.(2010).*Major Themes and Performance Styles of Azmari Lryics in Gondor*.Unpublished MA Thesis: Addis Abeba University.

Tryfos, P. (1996): *Sampling Methods for Applied Research: Text and Cases.*New York: Wiley.

Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Najjoo.(1998)

Warquu Gaaddisaa.(1993).*Wiirtuu Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo.*(jil.6). Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromoyaa.Mana MaxansaLibera

Wasanee Bashaa.(2008).*Bantuu. Haaraa caaslugaafi ogbarruu*

ZelalamLeyew.*(1998).“Codeswitiching.Amharic,English,”Journal of African cultureStudies 211:197-216*

Zerihun Asfaw.(1992). *Yesine Tsihuf Masarataawiyaan;* Addis Abeba: Nigdi Mattamiyaa.

**Wabii Toora Intarneetii**

- (http://whatismusic.info/chapters/whatismusic-2-what-is-music.pdf

-(http://www.21stcr.org/multimedia-2011/1-pdf/lh-importance_of_music.pdf)

-(http://whatis song.info/chapters/whatismusic-2-what-is-music.pdf

_https://www.thoughtco.com>what.are...

**Dabalee A**

Yuunvarsiitii Finfinnee Inistituutii Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaa Muummee afaan Oromoo OgbarruufiFookloorii Sagantaa Barnoota Digirii Lammaffaa.

**Marii Garee**

Naannoo Oromiyaa Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Najjootti, qaaccessa faaruu weellisaa duudhaa gaggeeffamurratti faayidaa, ergaafi bifiyyee inni qabu ilaalchisee gaaffilee gaafatamuuf qophaa'edha.

Gaaffiin kun kan qophaa'e faaruuwwan weellisaa duudhaa ergaafi faayidaa isaan hawaasicha keessatti qabaniifi yeroo ammaa sirbichi sadarkaa maaliirra akka jiru odeeffannoon funaanamu xiinxalamuun kan qaacceffamu ta'a.

Kabajamoo odeefkennitootaa, qorannoo kana adeemsisuu keessatti odeeffannoon isin naaf kennitan murteessaa waan ta'eef hanga isinii dandaa'ametti odeeffannoo ifaafi guutuu naa kennuun akka nadeeggartan jechaa yaadni keessan fiinxaan bahinsa qorannichaaf murteessaa waan ta'eef dursa isin galateeffachaa, rakkoo tokko malee bilisaan yaada keessan akka naa gumaachitan kabajaanan isin gaafadha.

**Odeeffannoo Waliigalaa**

1.DhimmoonniFaaruun weellisaa duudhaa keessatti deddeebi'anii ka'an maalfayi?

2.Faaruun weellisaa duudhaa Aanaa Najjootti sirbamu faayidaalee akkamiiqaba?

3.Raawwiin faaruu weellisaa duudhaa yoomessa akkamii keessatti sirbaamu?

4.Faaruun kun akka naannoo kanaatti yeroo ammaa kana sadarkaa maaliirra jira?

5.Faaruu weelluu duudhaa ilaalchiseewalaloosaa hanga beektan naaf himaa.

6.Itti fayyadama jechootaafi malleen dubbii faaruu weellisni duudhaa aanaa kanaa

ilaalchiseemaalfaa beektu?

**Dabalee B**

Yuunvarsiitii Finfinnee Inistituutii Qo’annoo Afaaniifi Gaazexeessummaa Muummee Afaan Oromoo Ogbarruufi Fookloorii Sagantaa Barnoota Digirii Lammaffaa.

**Marii Garee**

Naannoo Oromiyaa Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Najjootti, xiinxala faaruu weellisaa duudhaa gaggeeffamurratti faayidaafi ergaa inni hawaasa kana keessatti qabu ilaalchisee gaaffilee gaafatamuuf qophaa’anidha.

Gaaffiin kun kan qophaa’e faaruulee weellisaa duudhaa faarfaman ergaafi faayidaa isaan hawaasicha keessatti qabaniifi yeroo ammaa faarichi sadarkaa maaliirra akka jiru odeeffannoon funaanamu xiinxalamuun kan qaacceffamu ta’a.

Kabajamoo odeefkennitootaa, qorannoo kana adeemsisuu keessatti odeeffannoon isin naa kennitan murteessaa waan ta’eef hanga isinii dandaa’ametti odeeffannoo ifaafi guutuu naa kennuun akka nadeeggartan jechaa yaadni keessan fiixaan bahinsa qorannichaaf murteessaa waan ta’eef dursa isin galateeffachaa, rakkoo tokko malee bilisaan yaada keessan akka naaf gumaachitan kabajaanan isin gaafadha.

**Gaaffilee Marii Gareef Qophaa’aan**

A. Dhimmoonni faaruu weellisaa duudhaa keessatti deddeebi’anii ka’an maalfayi?
B. Faaruun weellisaa duudhaa Aanaa Najjootti faarfatamu faayidaalee akkamii qaba?
C. Faaruun kun akka naannoo kanaatti yeroo ammaa kana sadarkaa maaliirra jira?
D. Walaloo faaruu weellisaa duudhaa hanga beektan naaf himaa.
E. Faaruu weellisaa duudhaaaanaa kanaa ilaalchisee yaadni dabaltaa yoo jiraate ibsaa

**Dabalee C**

Yuunvarsiitii Finfinnee Inistituutii Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaa Muummee AfaanOromoo Ogbarruufi FookllooriiSagantaa Barnoota Digirii Lammaffaa.

**Afgaaffii**

Naannoo Oromiyaa Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Najjootti, xiinxala faaruu weellisaa duudhaa gaggeeffamurratti faayidaafi ergaa inni hawaasa kana keessatti qabu ilaalchisee gaaffilee gaafatamuuf qophaa'anidha.

Gaaffiin kun kan qophaa'e faaruuwwan weellisaa duudhaa ergaafi faayidaa isaan hawaasicha keessatti qabaniifi yeroo ammaa weellichi sadarkaa maaliirra akka jiru odeeffannoon funaanamu xiinxalamuun kan qaacceffamedha.

Kabajamoo odeefkennitootaa, qorannoo kana adeemsisuu keessatti odeeffannoon isin naa kennitan murteessaa waan ta'eef hanga isinii dandaa'ametti odeeffannoo ifaafi guutuu naaf kennuun akka nadeeggartan jechaa yaadni keessan fiixaan bahinsa qorannichaaf murteessaa waan ta'eef dursa isin galateeffachaa, rakkoo tokko malee bilisaan yaada keessan akka naa gumaachitan kabajaanan isin gaafadha.

**Gaaffilee Afgaaffiif Qophaa'an**

1. Faaruun weellisaa duudhaaqabiyyee attamii ofkeessaa qaba?
2. Faaruun kunfaayidaa inni gama aadaan, dinagdeen, siyaasaan, hawaasummaafidaangaa biyyaa eegsisuu keeessatti qabu akkamiin ibsitu?
3. Gaaffii 2ffaa ilaalchisee walaloon faaruu weellisaa duudhaa kun kan jiru yoo ta'enatti himuu nidandeessuu?
4. Yeroo ammaa kanatti FWD kun sadarkaa akkamiirratti argama?
5. Faaruun weellisaa duudhaa hawaasa naannoo kanaa biratti iddoo attamii qaba?
6. Namoonni faaruu kana faarsan hawaasa kana keessatti attamitti ilaalamu?
7. Faaruu weellisaa duudhaa dhiyeessuun saala adda baasa? Adda kanbaasu yoo ta'e, maaliif jettu?
8. Namoonni faaruu kana faarsan kun baadiyyaa moo magaalaatti irra heddummaatu?Deebiin keessan baadiyyaa kan jedhu yoo ta'e maaliif jettu?

**Dabalee D**

**Walaloowwan  Faaruu Weellisaa Duudhaa**

Mee kaanee Najjoo dhaqnaa
Najjoo dacha Alaltuu
Najjoo biyyaa abbaa Jigaa
Kan giiftiin daaktutu jira
Walqixxeen eessa jiraa
Walqixxeen waaqa biraa
Yaa waaq siif sagadee
Kan roobdee biqilchtu
Abdaarii siif sagadee
Kan koortuu dhidhimsitu
Ijoolleen baddaa Hararii
Caatii muka yaabsisuu
Jimaa balbala dhaabuu
Rabbiin ganama waamuu
Nyaanni isaanii jimaadhaa
Guyyaan isaanii Jimaataa
Ijoollee Aggaaroofi Jimmaa
Bishaan muka yaabsisuu
Didnaan luka dhaabsisuu
Mee chee jedhi chee jedhii
Faradoon chee jaallatti
Qoonqoon daadhii jaallatti
Gootni asmaarii jaallatti
Dhiirri buna hindhaabbanne
Barumaan hiyyeessumaa
Dubartiin qalbii hinqabne
Niitiin dhirsa hinjaallanne
Barumaa qilleensumaa

Hodhiteef safii mitii makiinaa kaafta malee akka Taayyee Yaadataa
Dhoofteef Shammanee mitii xibabii dhoofta malee,
Farxii sararta malee akka Addisuu Bakii
Akkachee Kabaa caalaa, Kabaa Irranaatu caala — baay'inni birsagaa 14/ 15
Mandiidhaa Caalii caalaa, Caalii Yaadataa caalaa
Naajjoodhaa Galatee caalaa, Galatee Jaankoo caalaa
Koljaan reettii hinbaqxuu, hojjaa reetti malee
Gudduun Onnee hinqabduu, Sombaafi Xeerii malee

Qotanneen bajjiitti hafee
Horanneen alfiitti hafee
Jaalalli Soddaatti hafee — =baay'nni birsagaa 8/8 dha
Cuuphanneen dhadhaatti hafee
Shuumanni Baallaatti hafee

Suphee Nagahoo, mi'aa wal irraa bitaa
Deddeebiin ammaa ammaa, mi'aa wal irraa fixaa — baay'inni birsagaa 12-14 dha
Garbiin Garbii Bultootii, elaamee yaa Abbaa Garbii
Maa qottee lafa haataa, kan dhaddeen diiguu jirtuu
Yaa qalbii koo isa gowwaa, yaa yaada koo isa hossee
Maa horii namaaf boossa, kan dhabdee dhiisuuf jirtuu.
Hoffaadha jedhanii obboleessa biyyoo, qarxii buqqisanii
Dinqaadha se'anii obboleessa finnoo, golfaa dubbisanii

Dinqaa hamma injijjii
Gurri Goojjam jirtii
Gabaan duukaa jigdii
Yaa asmaarii taraa sirbii
Yaa Bantii Waggaa Gimbii
Yaa Bantii caammaa killoo
Yaa Baalabbaata Anfilloo
Anfilloon daadhii hinqabuu
Warra Abbaa Gimbii malee
Deegaan astaa'ii hinqabu

Warra Abbaa birrii malee

Jennee mammaakkatannaa

Didde hinbarbaaddatanna.

Kan saawwa hortee hinbeekne
Gaaf-cabee saawwa jetti
Kan sirba dhaqxee hinbeekne
Waanbadee namaan jetti

Kan laga ceetee hinbeekne

Kan manaa baatee hinbeekne

Adeemtuu namaan jetti.

Namni waa laattee hinbeekne

Kajeeltuu namaan jetti

Kan sanyii namaa hinbeekne

Wanti amma namaa hinbeekne

Waan baayyee namaan jetti

Hamattuun titiisuma

Haa baddu itti dhiisuuma

Jiruu ofiitti fiiguudha

Fe'isaaf harreetu caala

Teepha gadi dheeressitee

Hamiidhaaf gadheetu caala

Hidhii gad dheeressitee

Bisingaan daraaree buqqee meeseen derbaa

Jijjigsaa Salaalee Mul'ee soorii fardaa

Sitti waamuu laataa.

Qarxii lafa dallaa, qarxii lafa dallaa

Erga duuti hin oollee, akka Mul'ee Andirroo

Marfii jala wayyaa.

Hancootee naa dibaa nyaadheen horii dhaqaa

Kan Jootee maal himu, kan Jootee Abbaa Igguu

(Madda: Obbo Tamasgeen Gabbisaa 28/7/2011 Ganda Gannaasii)

**Dabalee E**



Asmaarii duraanii Obbo Tamasgeen Gabbisaa afgaaffii gaafa 28/07/2011tti geggeeffame kan mul’isu

**Dabalee F**

| T.L | Maqaa Odeefkennitootaa | Saala | Umrii | Bakka Bu'ee | Qoodama |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Obbbo Hulluuqaa Jarroo | Dhi. | 70 | H. J | M. G(Marii garee) |
| 2 | Obbo Margaa Goshuu | ,, | 60 | M. G | M. G |
| 3 | Obbo Habtee Ujukkaa | ,, | 50 | H. U | ,, |
| 4 | Obbo Sobbooqaa Galataa | ,, | 62 | S. G | ,, |
| 5 | Obbo Olaanaa Hundee | ,, | 72 | O. H | ,, |
| 6 | Obbo Fiqaaduu Ta'eeraa | ,, | 55 | F. T | ,, |



**Suuraa5.**Marii Garee gaafa 09/09/2011tti Ilaalcha namoonni azmaariif qabaniifi garaagarummaa saalaa weellistootaa ganda Gannaasii mana obbo Tamasggeen Gabbisaatti Maanguddoota waliin gaggeeffame kan agarsiisu.

**Waraqaa Mirkaneeffannoo**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame ,qorannoon kun hojii koo ta'uusaafi kanaan duras Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhiyaatiin ta'uu isaa,akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ______________________________

Mallattoo___________

Guyyaa____________

Ani Dr.____________________________ barataan kun hojiin isaa of ittisuuf danda'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa ______________________________

Mallattoo_______________

Guyyaa______________